# Iddoo Itti Waaqeffamuuf Waaqayyo Fo'ate

Jefersanviilee, Indiyaanaa, USA

65-0220

1 Akkuma dhaabannee jiruutti mataa keenya gadi qabannee haa kadhannu. Egaa ammas, akkuma mataa keenya gadi qabannetti, laphee keenyas gadi qabanneerra jedheen amana. Baay'inni namoota galgala kana kadhannaa keessatti yaadatamuu barbaadanii na dinqa, waan addaa mitii? Harka keessan ol qabaatii, "Yaa Waaqayyo, galgala kana waanan Si biraa argachuu barbaadu naaf kenni" jedhaa. Gooftichi isin haa eebbisu.

2 Abbaa keenyaa Waaqa irra kan jiraattuu, akkuma amma gad of deebisuudhaanTeessoo ayyaanaa guddaa kanatti dhi'aachaa jirru, amantiidhaan gara Gamaa iddoo Waaqayyo, Ergamoonni, Kiruubelii fi macci Waaqa irraa walitti qabamanitti in ceena. Waaqayyo Abbaan inni Waaqarra jiraatu utuu quba hin qabaatin, dinbiitiin iyyuu lafarra hin qubattu jedhee Dubbateera'oo. Namoota dhibbaan lakkaa'aman warra gaaffii addaa qabatanii fuula Isaa duratti gadi jedhanii as jiran immoo, Inni caalchisee isaan beeka. Yaa Abbaa, galgala addunyaa hir'ina qabdu gadi mil'adhu, irratti nu barbaachisu nuuf kenni, nuyi saba hir'uu qabnu dha.

Yaa Waaqayyo, Si nan kadhadha, sababiin isaa amamantii keenya Si Waaqayyo jiraataatti, Si isa kadhata keenya dhaga'ee nuuf deebisutti ibsachuuf addanatti walitti qabamnee jirra waan ta'eef...Nuyi biyya lafaa isa laphee isaa fi gurra isaa dhagna hin qabatin keessaa, amantii keenya Sitti beeksifannee jireenya adda ba'e jiraachuuf dhufne. Galgala kana immoo harka keenya ol qabnee, "Hir'ina qabna" Siin jechaa jirra. Yaa Waaqayyo Jaallatama, tokkoon tokkoon isaaniitiif gaaffii isaan qaban isaaniif deebisi.

3 Itti aansuunis yaa Abbaa, galgala kana Sagalee keetiin akka nu mil'attuuf Si kadhanna. Nuyi sirraa'uuf, nuyi attamitti bara ammaa kana keessa jiraachuu akka qabnu, fuul dura keenyatti maal ilaaluu akka qabnu, maal gochuus akka qabnu baruuf dhufneerra. Sababiin isaa, akkataa milikkitoota raajonni duraan dursanii dubbataniitiin yummuu ilaallu, dhufaatiin Gooftaa balbalarra akka ga'e in beekna. Yaa Gooftaa, yeroo guutmaatti furamuun ijoollee Keetiif ta'uutti dhi'aachaa jirra. Yaa Waaqayyo, yaa Abbaa, hunduma keenya warra achitti argamuuf jiran nu godhi. Namni tokko illee bakkeetti akka hin hafne, adaraa. Kaayyoon nuyi asitti argamneefis isa kana, yaa Gooftaa. Nuyi Si jaallanna, yerichaafis qophaa'aa jirra.

Ammas galgala kana akka nutti dubbattuuf Si kadhanna. Warra dhukkubsatanis fayyisi. Warra dhukkubsatanii fi qaamaan miidhamoo ta'anii gara mana Keetii dhufan hundumaa fayyisi, yaa Gooftaa; addumatti immoo warra kennaa hafuuraa barbaadan yaadadhu, Lubbu badan hundumaa oolchi, humnaa fi cimina ijoolleen kee ittiin Si amanatan isaaniif haaressi jennee Si kadhanna. Yaa Abbaa, kana hundumaa nuuf raawwadhu. Nuyi waan baay'ee Si kadhanna, sababiin isaa, "Irraa hafaa, waan isin irraa hafaa akka argattanitti kadhadhaa, Gammachuun keessan guutuu akka ta'utti wanta caalu kadhadhaa" nuun jetteetta. Maqaa Yesus Kristoosiin Si kadhannaa. Ameen.

Taa'aa.

4 Dhugaadhumatti, galgala kana ammas deebi'ee wal tajjii mana barumsaa sadarkaa lammaaffaa kanaa irratti argamee, fuula saba gaarii Wangeela dhag'uuf asitti walitti qabamee jiru kana dura dhaabachuun koo carraa guddaa dha. Dhugaan beeku hundumaa akkan isinitti dubbadhuuf araara Waaqayyoon nan kadhadha. Inni akkuma afaan leencaa cufee turetti, ammas afaan namaa cufuu in danda'a. Tarii yoon wanta sirrii hin taanee fi faallaa fedha Isaa ta'e dubbachuuf yaale, afaan koo akka cufuuf garaa koo irraa fudheen isa kadhadha. Sababiin isaa, dhugaadha, an ofii kootii Waaqarra jiraachuun barbaada; yoon waan sirrii hin dubbadhu ta'e, dhugaadhumatti an achitti hin argamu, kana hundumaa biratti immoo geeggeessituu sobaa, nama sobaan waa hojjete nan jedhama. Kana godhee yoon aragame, adda addummaa jiru waanan hin beekneefan godha jechuu dha. Gooftaan isin haa eebbisu.

5 Egaa, yoo fedha Waaqayyoo ta'e bor ganama mata duree, *"Gaa'eelaa fi Gaa'ela Diiguu"* jedhu irrattin dudubbadha. In dhuftu jennee waan amannuuf, waraqaa fi kobbee keessan qabadhaatii kottaa. Baay'ee isin hin tursinu, garuu kana...nan fedha. Sababiin dursee Indiyaanaa dhufeefiis isa kana, waandaa isiniif galeen ture waan ta'eefan dhufe. Kanaaf bor ganama isin biraan ga'uuf nan yaala; kanaa achii immoo bor galgala isin biraan ga'uun yaala. Egaa yoo fedha Waaqayyoo ta'e bor ganama mata duree sana keessatti, barsiisa yaadaa (schools of thoughts) lamaan irrattin barsiisuu fedha. Wanti dhugaan maal akka ta'e baruuf, Dhugaan maal akka ta'e barree Dhugaa fi Ifa keessa keessa akka deddeebinuuf Waaqayyo nu haa gargaaru.

6 Hiriyaa bifa gurraachaa tokko akkan qabaachaa ture in beektu. Inni, "Biilii, an galaana irratti rakkinni kamuu akka na quunnamu hin barbaadu. Tikeeta koo harkatti qabachuun barbaada. Yeroo fiingeen hafuufamuttis rakkinni achitti akka na mudatu hin baraadu. Yeroo ta'e tokko 'Rakkoon uumamu wayii jira taanaan, yaa Gooftaa, inni ammuma gab haa jedhu' jedheen kadhadhe. Sababiin isaa, borumtaa yommuu markabici biyya biraa ga'utti yeroo dukkanaa fi bokkaan bubbeen wal makaa waan roobuuf..." naan jedhe. "An danqaa tokko illee arguu hin barabaadu; an waan kana hundumaa irraa of irraa nan maqsa" jedhe. Nuyis kanumaaf as jirra, gara yerichaatti deemuu akka dandeenyutti danqaa galaana irratti nu mudachuu

danda'uuf fala dha'aa jirra.

Galgala kana yeroo dheeraa isin hin tursinu, sababiin isaa, bor sagantaalee lama qabna. Sana boodas iddoo biraatii tajaajila waanan qabuuf kallattiidhaan iddoo sanan deema.

7 Garuu ammaaf, Macaafa Seera Keessa Deebii boqonnaa 16 lakkoofsota sadan jalqabaa dubbisuun isiniif dubbisuun barbaada; Keessa Deebii 16:1-3tti.

> *Ati ji'a Abiib yaadadhu! Waaqayyo Gooftaan kee ji'a Abiibitti halkaniin biyya Gibxii keessaa waan si baaseef ayyaana Faasikaa Waaqayyo Gooftaa keetii ayyaanessi!*
>
> *Iddoo Waaqayyo Maqaan Isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti, ati bushaayee keessaa yookiis saawwan keessaa aarsaa Faasikaa Waaqayyo Gooftaa keetiif dhi'eessi!*

8 Egaa mata dureen koo galgala kanaa, *Iddoo Itti Waaqeffamuuf Waaqayyo Fo'ate*, kan jedhu ta'a.

Yoo in yaadattu ta'e, ji'a Abiib jechuun, ji'a "Eblaa" ti. Jiini Eblaa yeroo isaan biyya Gibxiitii itti baafamanii dha.

Egaa amma galgala kana wanti keessummaan nuyi akka waaqeffattoota Waaqayyoo tokkootti, akka nama bara kana keessa jiraataa jiru tokkootti, yaada garaagaraa namoonni qaban in ilaalla. Namni waan tokko irratti yaada garaa garaa hamma qabaatetti, gaaffii garaa garaa qabaata; gaaffii hundumaaf immoo deebiin dhugaa ta'e tokko jiraachuun dirqama.

Yoon, "Kun maali?" jedhee gaafadhee,

"Ba'eessa, kun teessuma" naan jechuu danda'u.

"Maaliif gargaara?" Hubattanii?

Egaa achumatti namni kan biraan immoo, "Kun teessuma miti, gabatee dha malee" jechuu mala. Tole egaa, inni gabateedhas teessumas. Hubadhaa, inni deebii dhugaa argachuu qaba.

Waa'ee waan tokkoo yoon gaafadhe, waan sanaaf deebii dhugaa argachuun qaba. Deebiin dhugaatti siqu jiraachuu mala; garuu gaaffii hundumaaf deebiin haqa ta'e deebi'uufii qaba. Gaaffii gara jireenya keenyaa dhufu hundumaafis akkasuma deebiin haqa qabeessi kennamuufii qaba.

9 Bara har'aa kana namoonni addunyaa kanaa baay'een...in dhageenya.

Tajaajilaa ta'uu koo irraan kan ka'e galaana qaxxaamuree kutaa addunyaa baay'ee keessa naanna'eera, kanaafis dhaabbilee amantii kannee akka Budahaa, Mohaammadootaa, Siikihii fi Jaa'iin (lachuu damee amantii Hinduu ti) fi dhaabbilee amantii gurguddoo biyya lafaa baay'ee wajjin wal quunnameera. As Yunaayitid Isteet fi biyyoota ambaa baay'ee keessattis waldaalee Kristaanaa garaa garaa damee amatii Kaatoolikii Roomaa durii irraa jalqabee, sana booda warra Griikii fi kanneen biroo wajjin, akkasumas amantii duudhaa warra hordofan, damee damee amantii gara dhibba sagalii ta'anii fi dameelee amantii protestaantii warra dhi'eenya hundeeffaman garaa garaa wajjin wal argaan ture .

Egaa, yaada tokkoon tokkoon isaanii ilaaluu dandeessu, an isaan hin qeequ. Tokkoon tokkoon isaanii dhugaan nuyi, nuyi dhugaa of harkaa qabna ofiin jedhu. Namoonni miseensa waldaa sanaa ta'an sana amanuutu isaan irra jira, sababiin isaa galma deemsa isaanii achi godhataniiru waan ta'eef, galma deemsa Jireenya Bara Baraa isaanii barsiisa waldaa sanaa irra godhataniiru. Inni tokko isa kaan irraa adda ta'uu irra darbee hanga gaaffii dhibba sagal uumuutti ga'e.

Kanaafuu gaaffii dhibba sagalan ittiin gargar ba'an sanaaf deebiin sirrii ta'e tokko jiraachuu qaba. Gooftaa Yesus isa hundumti keenya jaallannu simachuudhaaf gara Waaqaatti deemaa waan jirruuf, galgala kana deebii tokkicha sana Caaffata Qulqulla'aa qorree in arganna.

10 Egaa gaaffiin tokko gaaffii Macaafa Qulqulluu yoo ta'e, deebii Macaafa Qulqulluu argachuu qaba. Deebiin argamus garee namootaa irraa, walitti qabama namootaa irraa, yookiis nama barate tokko irraa, damee amantii tokko irraas ta'uu hin qabu. Deebiin gaaffichaa iddoo Waaqayyo itti waaqeffamuuf fo'atetti Caaffata Qulqulla'aa keessaa kennamuu qaba. Dhugaa dha, iddoon simannaa Waaqayyoo, iddoon Inni itti nama simatu iddoo ta'e tokko jira.

Egaa amma, Seera Keessa Deebii kana keessatti Museen waan jalqabatti isaanitti dubbate Caaffata keessaa irra deebi'ee isaan yaadachiisaa utuu jiruu argina; Inni irree guddaadhaan biyya Gibxii keessaa isaan baasee attamitti jalqaba akka isaan hundeesse isaan yaadachiisaa jira.

Isaan hamma gaafa biyya Gibxii ba'aniitti, "Saba Waaqayyoo" jedhamanii waamamu turan, sana booda garuu, "Waldaa Waaqayyoo" jedhaman, sababiin isaa, waldaan warra wal ga'aa jiru yookiis... Dhugaadha, waldaa jechuun, "namoota wal ga'an," warra akka ba'an gochaman jechuu dha. Isaan waldaa akka ta'aniif Gibxiidhaa baafaman.

11 Egaa Waaqayyo utuu isaan mana qulqullummaa fi waan biraa hin dhaabin dura, “An iddoo itti Na waaqessitan Nan fo'adha, iddoo sanattis Maqaan Koo in waamama” jedhee isanitti dubbate. Waaqayyo iddoo Ofii Isaatii fo'ate duwwaatti nama simachuuu barbaade simata. Inni iddoo isa kan Ofii Isaa fo'ateera; iddoo fo'atettis Maqaan Isaa akka waamamu godheera. Lakkoofsa lammaffaa irratti isa kana nutti dubbata. Sabni akka keessatti Isa waaqessaniif iddoo fo'atti Maqaa Isaa waamsise.

Amantii ormaa (heathen religion) bira darbuudhaan amantii Kristaanaa isa yaada garaa garaatiin damee dhibba sagalitti hirame irratti xiqqoo waliin dubbanna. Warra amantii ormaa hordofaniifis fedha nan qaba, garuu bira deemee isaanii wajjin dudubbachuu hin dandeenye. Garuu, isaan sirrii miti. Amantii dhugaan tokkichi amantii Kristaanaa ti. Wanan Kristaana ta'eef qofan kana jedha miti; Dhugaa akka inni ta'e waanan amanuuf malee. Amantii sirriin Kristaana qofa dha.

12 Iddoo awwaalaa fardi adiin sa'aatii afur afuriin itti jijjiiramu tokkon ture. Mohaammad Kristoosiin booda luba jabaaa fi geggeessaa cimaa jabaa ture, inni raajii ture jedhama; obbolawwaan Makkaabee booda inni raajii akka ture anis hin mamu. Garuu yeroo isaan…Inn in du'e. Deebi'ee ka'ee guutummaa biyya lafaa akka weeraru dubbatee ture. Kanaafis, amma sa'aatii afur afuriin eegduu jijjiiranii farda adii awwaala isaa biratti eegaa jiru. Waaggoottan kuma lamaan kana hundumaatti, deebi'ee ka'ee biyya lafaa kana weerara jedhanii eegaa as ga'an. Garuu hubadhaa…

Mee Budahaa haa fudhannu; amantiin Budahaa waggoottan dhibba hedduu jiraate, inni gara waaggoottan 2300 dura waaqa (god) Jaappaan ture. Inni akkuma Konfiishesii fi kanneen boroo filoosoofera ture.

Hundeessitoonni kun huduu garuu filoosoofii isaanii wajjin du'an, in awwalaman, boolla du'aa keessatti hafanis.

Kristaanummaa inni Yesus Kristoosiin hunduuffame garuu awwaalli Isaa duwwaa dha. Inni Nama biyya lafaa irra ejjete keessaa tokkicha, “Ani lubbuu koo dabarsee kennuudhaaf, ammo deebisee fudhachuudhaaf aboo qaba” jedhe dha. Inni kana godhee, har'as jiraataa dha.

Inni akka jiru in beekna, sababiin isaa nuu wajjin jiraachuu Isaa milikkitaa fi dinqii qabatamaa isa isinittan mul'isa jedhee nu abdachiiseen Ofii Isaatii nuuf mirkaneessaa jira waan ta'eef. Inni akkuma ijoollee Israa'eellafa onaa keessatti Utubaa Ibiddaatiin dura bu'ee geggeessaa turetti har'as nu wajjin jira, suuraan Isaas kaafameera; milikkitaa fi dinqii bara kanatti hojjechuuf abdachiisefame, Sagalee bara kanaaf abdachiifame bakkeetti baafamee mul'ifamaa jira. Kanaafuu, amantiin warra ormaa hunduu du'aa dha; Kristaanummaan garuu jiraataa dha.

13 Amma, gaaffiin waa'ee iddoo Waaqayyo itti nama simatuu gara dhibba sagaliitu jira. “Inni Metedistii simata, yookiin Baaptistii simata, *kana* simata, *sana* yookiis *isa biraa* simata.” Amma, gaaffiin achi jira. Kanaafis hunduu sodaa fi rom'aan ba'ee fayyina lubbuu isaa barbaaddachuu qaba.

Galgala kana garuu, iddoo Waaqayyo itti nama simatuu fi iddoo Inni itti waaqaffamu isa dhugaa Caffata Qulqulla'aa keessaa isiniif mirkaneessuun barbaada. Innis immoo iddoo tokkicha Inni itti nama simatu dha.

14 Egaa barreefama kana Seera Keessa Deebii (Deuteronomy) keessaa fudhanne. Jechi 'Deuteronomy' jecha Griikii yoo ta'u, hiika cimdii kan qabu dha, yookiis, hiikni isaa “seerota lama” jechuu dha. Jechi Griikii, 'Deuteronomy' jedhu, “Seerota adda addaa lama” jechuu dha.

Egaa Waaqayyo seerota lama qaba. Inni tokko seera du'aa yoo ta'u, inni kaan immoo seera Jireenyaa ti. Waaqayyo seerota lama qaba. Isa duukaa bu'uun, Isa tajaajiluun, Isa Waaqessuun Jireenya; Isa fudhachuu diduun garuu du'a. Waaqayyo keessa seerota lamatu jiru.

Egaa seerota kana keessaa inni tokkoTulluu Siinaa irratti biyya lafaatti beeksifame. Waaqayyo seera Musee fi Israa'elotatti kenne. Seerri isaan in gargaaraaf kenname utuu hin ta'in, cubbamoota akka turan isaanitti mul'isuu duwwaaf kenname. Hamma gaafa seerri isaanitti kennameetti, maalummaa cubbuu hin beekan turan. Seerri tokko adabbii hin qabu taanaan seera miti. Seerri adabbii hin qabne seera miti. Kanaafuu, “Seera malee jiraachuun cubbuu dha, beenyaan nama cubbuu hojjetuu immoo du'a.” Kanaafis, hamma gaafa Waaqayyo seera isaanitti kenneetti, seera malee jiraachuun isaan irratti lakkaa'ame hin jiru ture.

Seerri saffisa sa'aatiitti maayilii digdamaa oliin konkolaachisuu hin dandeessu jedhu hin jirretti, saffisa kanaa oliin konkolaachisuu dandeessa. Seerri akkas jedhu yoo jiraate garuu gochuu hin dandeessu, seerri jiraannaan duubaan adabbiitu jira.

15 Amma, duuti...seerri du'aa abboommota Tulluu Siinaa irratti kennaman yoo ta'u, innis namni cubbamaa akka ture dubbatu ture. Seera Waaqayyoo irra darbuu isaatiif du'e. Seera keessa dhiifamni hin jiru. Poolisiin qabee mana hidhaa isin buufnaan, achii isin baasuuttii dhimma hin qabu.

Garuu ergasii Inni seera kan biraa kenne. Innis Tulluu Qaraaniyoo irratti kan kenname yoo ta'u, achitti cubbuun Yesus Kristositti lakkaa'ame. Gatiin adabamuus achitti caffalame,...miti seeraan alatti kaffalame malee. “Isin ayyaana Waaqayyootiin fayyitan,” ayyaana Waaqayyootiin karaa jiraachuu keessan Waaqayyo dursee beekuudhaan yaadaan isin qabuu Isaatiin fayyitan.

Egaa amma seerota lamaan kana ilaalla, Seerri Keessa Deebii waa'ee seerota lamaa dubbata. Seerota lamatu turan. Inni tokko seera du'aa yummuu ta'u, inni kaan immoo seera Jireenyaa ti.

16 Kakuwwan namootaaf kennamanis lamatu jira. Waa'ee isaan kanaa bor ganama irratti dudubbanna.

Kakuwwan sana keessaa tokko haala (condition), “Yoo kana gootee fi yoo kana hin gootu ta'e” jedhu irratti bu'uureffamee Addaamitti kenname, garuu seerri sun in cabe. Seericha Addaamii fi Hewaantu iddoo dhaabaa Eeden keessatti cabse.

Sana booda Waaqayyo kakuu lammaffaa Abrahaamitti kenne, seerri sun haala irratti kan hin hundoofne (unconditional) ture. “Waan ati gootee dabarte yookiis waan ati sichi gootu miti;” Inni, “Ani kanumaan dura iyyuu hojjedhee raawwadheera” jedhe. Innis immoo ayyaana. Innis seera Jireenyaa ti. Waaqayyo isa kana Abrahaamii fi Sanyii isaa hundumaaf kenne. Inni Sanyii Abrahaam hundumaaf kenne.

Macaafni Qulqulluun, “Israa'eloonni hunduu in oolfamu” jedha, kana jechuun Yihudoota jechuu miti. Akkuma Phaawulos dubbate, “Israa'el warra keessaa fi Israa'el warra alaa” jedha. “Warri alaa,” akkuma galgala gaaf tokkoo irratti dubbanneetti, ijoollee Yisihaq warra inni fedha fooniitiin godhate dha. Seerri Waaqayyoo garuu karaa Kristos isa Hidda Sanyii Abrahaam (Abraham's Royal Seed) kenname dha, innis, “Ayyaana Waaqayyootiin Israa'eloonni hunduu fayyan” kan jedhu dha. Innis, “Warri Kristos keessa jiran hunduu fayyaniiru” kan jedhu dha. Kun kakuu Waaqayyoo isa lammaffaa ti. Wantoonni kun hundumtuu garuu gaadidduu Kristos turan.

17 Egaa amma lakkoofsa 2ffaa qalbeeffadhaa. Seera Keessa Deebii 16, lakkoofsa 2ffaa irratti, “Iddoo Ani fo'adhetti Na waaqessaa” jedha. Egaa amma Waaqayyoon kan waaqessuun isin irra jiraatu, “Iddoo Ani fo'adhetti” isa Inni jedhetti malee, iddoo namni ta'e tokko fo'atetti miti, “Iddoo Ani fo'adhetti” jedhe.

Egaa amma, yoo Waaqayyo iddoo tokko fo'ate, waa'ee waan Inni jedhee qorannee bira ga'uutu nurraa eegama. Iddoon sun eessa? Barbaaduutu narra jira, sababiin isaa, dhugaadhumatti, Isa waaqessuun barbaada.

Galgala kana hundumti keenya kan as jirruuf Isa waaqessuufi. Nuyi galgala kana akka Metedistiitti, akka Baaptistiitti, akka Kaatolikiitti, akka Dhuga Baatota Yaahweetti, akka Kritiyaan Saayinsiitti fi kanneen biroo hundumaattis as taa'aa jirra, garuu hundumti keenya waan tokko barbaacha dhufne.

Nuyi Dhugaa baruu barbaanna. Macaafni Qulqulluun, “Dhugicha in hubattu; dhugichi birmaduu isin baasa” jedhee dubbata.

Namni tokko...Wanti tokko attamitti akka hojjetamu utuu hin barin isa hojjechuu hin dandeessan.

Kun kan nutti agarsiisu Waaqayyo iddoo ta'e tokko, iddoo itti warra Isa waaqessan simatu, iddoo wal ga'ii qabaachuu Isaa ti. Waaqayyo iddoo sana duwwaatti warra Isa waaqessaniin wal arga.

18 Egaa, kana malees, Inni iddoo warra Isa waaqessaniif fo'ate sanatti Maqaan Isaa akka itti waamamu nan godha jedhee dubbate. Egaa amma, mee Caaffata Qulqulla'aa keessaa iddoon kun eessa akka ta'e haa barbaannu. Dhugaa dha, Waaqayyo iddoo itti namoonni akka Isa waaqessaniif fo'atetti Maqaan Isaa akka waamamu dubbateera erga ta'ee, Macaafa Qulqulluu keessaa iddocha argachuu qabna, sababiin isaa baroota hundumaa keessatti akkasuma ture waan ta'eef.

Waaqayyo guddaan inni hin geeddaramne, hin jijjiiramu. Namni in geeddarama. Garuu jireenya kee guutuu waan Waaqayyo yeroo kamittuu dubbatu irra kaa'achuu dandeessa, sababiin isaa inni Dhugaa dha Sababiin isaa, wantin ofitti amanamummaa itti qabaachuu danda'u tokkichi Macaafa Qulqulluu dha. Dubbiin namaa karaatti hafa, kan Waaqayyoo garuu dhaabatee hafa.

Bara kanatti bara darbe caalaa hubannaa qabaachuun qaba. Isinis akkasuma ta'uu qabdu. Nuyi hir'uudha, kanaafis beekumsa ofitti fudhachaa deemna.

Waaqayyo garuu guutuu dha. Inni guutuu dha. Inni guutuu waan ta'eef, beekumsa argachuu hin barbaadu. Inni jalqabuma iyyuu waan hundumaan guutuu dha. Murteen Isaa hunduu sirrii dha.

Waaqayyo karaa ittiin yeroo tokko hojjeteen baruma baraanis hojjechuu qaba, kanaa achii waan jalqaba hojjete sana sirrii hin hojjenne. Namni tokko fayyina hoodaatiif gara Waaqayoo dhufnaan, Innis waan tokko bu'uureffatee yoo isa simate, yeroo hundumaa namni bu'uuruma sanaan simatamuu qaba. Kun sirrii dha. Namni tokko jalqaba fayyina Hoodaatiif gara Waaqayyoo dhufee, Waaqayyos waan ta'e tokko irratti hundaa'ee yoo isa simte; namni itti aanus gara Isaa yoo dhufe, Inni akkaataadhuma namicha duraa sanatti isa simachuu qaba, kanaa achii Inni yeroo namicha jalqabaa simate dogoggore. Waaqayyo

bu'uura irratti nama simatu hundeesse. Waan hojjechuuf jedhu, attamitti akka hojjetu duraan dursee bu'uura kaa'e, innis immoo karaa aarsaa dhiiga hoolaa iddoo dhaabaa Eedenitti bu'uureffame dha. Waaqayyoo gonkumaa yeroo tokko illee isa kana jijjiiree hin beeku.

19 Inni attamitti akka nama fayyisu murteesse. Nuyi immoo har'a fayyina sana akka argataniif namoota barsiisuu yaalle; mana barumsaa isaan galchuuf dhamaane, isaan barsiisuu yaalle, damee amantiitti isaan qooduu yaalle, waan garaa garaa hundumaa isaan gochuuf yaalle; isa keessatti isaan fidne, harka isaan qabnee karaa garaa garaatiin isa keessatti isaan cuuphne, xalaayaadhaan isaan waamne. Garuu akkuma duraatti itti fufe: Waaqayyo Dhiiga Hoolicha dhangala'ee jalatti nama simata . Jalqabatti Dhiigni karaa Waaqayyoo ture, galgala kanas karaa Waaqayyoo Dhiigichuma. Adabuu fi wantoota kanneen gochuun gaari dha, garuu dhiifamuun cubbuu Dhiiga duwwaadhaan argama. Karaa namni akka ittiin fayyuuf Waaqayyo fo'ate karaa Dhiigaa ti, karichas Waaqayyo hin jijjiiru.

Iyoobis karichuma qaba ture. Inni qajeelaa akka ta'e of beeka ture, sababiin isaa, inni aarsaa Waaqayyo isa irraa barbaadu dhi'eesseera.

20 Amma, iddochi, iddoon Maqaan Isaa itti waamamu maal akka ta'e qorree haa ilaallu. Iddoon Maqaa Isaa itti waamamu kun eessa akka ta'e qorree bira ga'uuf deemaa jirra. Maqaan Waaqayyoo maal akka ta'ee fi iddoo Inni Maqaa Isaa itti waamsisu eessa akka ta'e yoo barbaannee arganne, battaluma isa arganneetti iddoo itti Isa waaqeffannu araganneerra jechuu dha.

Wantoonni kun hunduu, dhugaadha, gaaddidduu wantoota ta'uuf jiranii ti. Seeronni hunduu gaaddidduu wantoota dhufuuf jiranii ti.

Akkuma jiini gaadidduu aduu taatee ti. Akkuma jiinii iddoo aduun hin jirretti tajaajiltu, waldaanis iddoo Ilmi Waaqayyoo hin jirretti tajaajilti. Iddoo Ilmi Waaqayyoo hin jirretti, xiyya Ifichaa Waldaan, amantoonni Waaqayyoon in tajaajilu, iddoo Ilmi Waaqayyoo hin jirrettis Ifa in kennu. Garuu erga aduun ba'ee booda ifa ji'aa hin argitan, sababiin isaa isheen in lixxi waan ta'eef. Jiini ifa ofii isaa hin qabu, ifa aduu irraa argatu deebisee calaqqisiisa malee. Akkuma haadha manaa fi abbaa manaa, aduu fi jiinis Kristoosii fi Waldaatti fakkeeffamu.

Amma egaa wantoonni kunneen gaadidduu Kristos ta'uu isaanii in ilaalla. Aarsaan, faasikaanii fi wantootni Kakuu Moofaa keessa turan hunduu gaadidduu Kristos turan; akkuma gaadidduu waan tokkoo yummuu lafa irra bu'u arginuu ti. Amma, iddoon kun bakka iddoon waaqeffannaa inni sirriin eessa akka ta'e qorannee bira geenyu dha, innis duuba deebinee Kakuu Moofaa keessatti iddoo inni itti kennamee fi wantoonni sunneen maal akka turan hubachuu dha.

21 Amma, gaadidduun tokko lafa irra yeroo bu'u dhiira, dubartii, yookiis bineensa, yookiis waan fedhe yoo ta'es adda baaftanii himuu dandeessu, sababiin isaa gaadidduu isaa lafa irra buusa waan ta'eef. Gaaddidduun sun akkuma gabaabbachaa deemuun dhokataa, negeetiivii ta'aa deema; negeetiiviin immoo utuu poozetiiviin hin jiraatin uumamuu hin danda'u. Kanaafuu, yeroo poozetiiviin negeetiiviitti dhi'aachaa deemu, negeetiiviin poozetiivii keessatti liqimfamaa deema. Gaadidduu fi wanti gaadidduun irraa uumame sun walitti dhufanii poozetiivii uumu.

Akkuma Macaafni Qulqulluun jedhu, “Wantoonni Kakuu Moofaa keessa turan gaadidduu wanta dhufuu jiruu” erga ta'ee, Kristos gaadidduu wanta dhufuuf jiruu ture jechuu dha.

Kanaafuu, iddoo Maqaan Isaa Kakuu Moofaa keessatti akka itti waamamuuf Inni fo'ate fudhannee fakkeenya godhachuudhaan, iddoo amma…argachuu dandeenya. Egaa akkuman sila dubbadhe, gaadidduun lafarra yoo bu'e fakkeenya wanta ta'e tokkoo waan ta'eef, inni negeetiivii dha. Akkuma kana, nuyi waaqeffattoonnis gaadidduu Kakuu Moofaa isa poozetiivii Haaraa keessatti liqimfamaa jiru arguu dandeenya.

Egaa, nyaataa fi dhugaatiin hunduu, guyyaan ayyaanaa, manni sagadaa hunduu, muktii fi wanti manni sagadaa ittiin ijaaramu hunduu, wanti hunduu Kristositti fakkeeffame. Kennaan aarsaa hunduu, seerri hunduu, wanti hundumtuu Kristositti fakkeeffamu turan. As mana sagadaatti isa kana yeroodhaa gara yerootti ilaalaa turreerra .

Seerri waldaa (creed), waldaan, dameen amantii fagoo duubatti hafaniiru. Isaan Dorgommii fiigichaa keessa iyyuu seenne. Seerri waldaa (creed) hunduu, waldaan hunduu, dameen amantii hunduu guutummaatti dorgommicha keessaa haqamaniiru. Isaaniif iddoon tokko illee hin jiru.

22 Kakuu Moofaa keessatti yookiis Macaafa Qulqulluu keessatti, tokkummaa (unity) humna riqaa Baabiloon irraa kan hafe, wanti waldaan itti fakkeeffamte hin jiru. Wanti tokkummaatti fakkeeffamu isa kana duwwaa dha. Sababiin isaa, Nimrod haxxicha isa ba'ee deemetu biyyoota xixinnoo iddoo tokkotti walitti qabee riqaa guddaa kana ijaare waan ta'eef. Sagalee Waaqayyoo keessatti hin tuqamne malee, inni waaqeffataa amantii (religious worship) ture. Kanaafuu, riqaan Baabel Kakuu Moofaa keessatti argitan, damee amantummaa (denominational religion) tti fakkeeffama. Amantiin kun dhugaadhumatti dhaaba amantii ture, garuu amantii Sagalee Waaqayyoo hin turre.

Waaqayyo Maqaan Isaa akka itti waamamuuf damee mantii kamiin iyyuu hin fo'anne. Fo'ateera jettu yoo ta'e Caaffata Qulqulla'aa keessaa natti argisiisaa. Waaqayyo damee amantii fo'ate qaba jedhanii akka dubbatan nan beeka. Inni Maqaa Isaa iddoo garaa garaatti hin waamsisu, sababiin isaa, Inni Maqaa Isaa iddoo tokko duwwaa kaa'e waan ta'eef. Tokkoon tokkoon damee amantii immoo iddoon tokkichi sun nuyi ofiin jechuu barbaadu, garuu dubbichi faallaa jecha isaanii ti.

Garuu Inni Maqaa Isaa eessa kaa'e?

23 Amma, Maqaan Isaa eenyu? Duraan dursinee iddoo Maqaan Isaa akka itti waamamuuf fo'ate utuu hin barbaadindura , Maqaan Waaqayyoo eenyu akka ta'e haa barru.

Egaa, maqaalee kabajaa (titles) hedduu qabaachuu Isaa in beekna. Inni, “Abbaa” jedhame, kun maqaa kabajaa dha. Inni, “Ilma” jedhame, kun maqaa kabajaa ti. Inni, “Hafuura Qulqulluu” jedhame, kun maqaa kabajaa ti. Inni, “Arfaasee Shaaron” jedhame, kun maqaa kabajaa ti. Inni, “Daraaraa dachaa keessaa” jedhame, kun maqaa kabajaa ti. Inni, “Bakkalcha Barii” jedhame, kun maqaa kabajaa ti. Inni, “Yaahwee-jiiree, Yaahwee-raafaa” jedhame, Inni maqaalee dachaa, maqaalee furii garaa garaa torba kan qabu too ta'u, hunduu maqaalee kabajaa ti. Isaan keessaa tokko illee maqaa dhuunfaa (name) hin turre.

Haa ta'u malee Inni Maqaa dhuunfaa tokko qaba.

Inni yeroo Musee argetti Maqaa hin qabu ture, Inni Museedhaan, “Ani 'ISA JIRAATAA (I AM THAT I AM) dha” jedhe. Waan Yesus Wangeela Yohaannis boqonnaa 6ffaa keessatti dubbate yoo ilaalle immoo, Inni, “ANI ISA JIRAATAADHA” Ofiin jedhe.

Isaan immoo, “Maal, Ati nama waggaa shantama iyyuu hin guunnetu, 'Ani Abrahaamiin argeera' jettaa?” ittiin jedhan.

Yesus, “Utuu Abrahaam hin dhalatin dura iyyuu ANI JIRAN ture” isaaniin jedhe. Inni bara Museetti isa uuxxii qoraattii...Utubaa ibiddaa boba'u keessaan “ANI ISA JIRAATAADHA” jedhe dha.

24 Ammas kan biraa immoo Yesus, “Ani Maqaa Abbaa Kootiin Nan dhufe, isin garuu Ana hin simanne” utuu jedhuu argina. Yoos egaa Maqaan Abbaa Yesus ture jechuu dha. Kun sirrii dha. Maqaan Abbaa Yesus ture, sababiin isaa, Yesus, “Ani Maqaa Abbaa Kootiin baadha. Ani Maqaa Abbaa Kootiin Nan dhufe, isin garuu Ana hin simanne” jedhe. Yoos egaa Maqaan Abbaa Yesus ture.

Gabri'eel Yesus jedhee Isa waame, raajonni Yesus jedhanii Isa waaman, Inni dhugaadhumatti Yesus ture. Utuu Inni hin dhalatin dura raajii qulqulluun, Maqaa Isaa Amaanu'eel jedhee moggaase, Amaanu'eel jechuun, “Waaqayyoo nuu wajjin jira” jedhuu dha. Yeroo sanatti ergaa, “Waaqayyo cubbuu biyya lafaa irraa fuudhuuf foon uffatee mul'ate,” kana gochuu Isaatiifis Maqaa Yesus jedhamutu Isaaf kenname. Kanaafuu, Yesus Maqicha!

Maqichi immoo Nama tokko keessa kaa'ame malee waldaa tokko, damee amantii tokko, seera waldaa (creed) tokko keessa kaa'ame miti. Maqaa Isaa keessa kaa'uuf Inni Yesus Kristosiin fo'ate. Yerositti Inni iddoo Waaqayyo itti waaqeffamu, iddoo isin itti Isa waaqeffattan ta'e.

Utuma hin dhaltin dura iyyuu Maqaan Isaa Yesus jedhamee waamame. Inni Maqaa baay'ee murteessaa waan ta'eef, Maqaan Isaa “Yesus,” Ilma Waaqayyoo, jettee in moggaafta jedhee Gabri'eel haadha Isaatti himame.

25 Ergasii as nuyi isa qabna. Maqaan Isaa kana duwwaa dha. Iddoon waqqeffannaa Waaqayyo fo'ate Isa duwwaa dha. Iddoon Waaqayyo itti nama simachuuf fo'ate waldaa tokko, damee amantii tokko, seera waldaa tokko keessa miti, Kristos keessa malee. Inni egaa iddoo tokkicha Waaqayyo keessatti nama simatu keessattis waaqeffamu dha, iddochis Kristosi. Iddoon tokkichi Isa. Isa isin Metedistii, Baaptistii, Kaatoolikii, Protestaantii, akkasumas waan kan biraas jittan utuu hin ta'in, iddoon tokkichii fi inni sirriin isin keessatti Waaqayyoon waaqessuu dandeessan Kristos keessa qofa.

Roomaa 8:1 keessatti, “Egaa amma warra akka fooniitti utuu hin ta'in akka Hafuuraatti Kristos Yesusitti qabamanii jiraataniitti, firdiin faradamu tokko illee hin jiru” jedha. Kun Wangeela.

26 Seerota waldaatiin (creeds) garaa gara ta'uu dandeenya. Tiyoorii nam tolcheetiin garaa gara ta'uu dandeenya. Waldaa Metedistii dhaquuf, Metedistii ta'uun kee dirqama; kan Baaptistii dhaquuf, Baaptistii ta'uu dirqama; kan Kaatolikii dhaquuf, Kaatolikii ta'uun dirqama. Kristos keessatti al tokko cuuphamtanii miseensa Dhagana Isaas yeroo taatanitti garuu, garaagarummaan tokko illee hin jiraatu. Golgaan gidduu keessan ture waan tarsa'eef,birmaduu baataniittu, sababiin isaas Kristos Yesus keessa jirtu waan ta'eef. Yeroo Kristos Yesus Keessa taatanitts Dhugaa fi Hafuuratti Waaqayyoon in waaqessitu. Yesus Kristos keessaan Isa waaqessuun keessan akeeka Waaqayyoo ti.

Amma, waldaan damee amantii kam illee iddoon sun ana ofiin jechuu hin danda'u, namni kam illee ana ofiin jechuu hin danda'u. Kana ofiin jechuuf kan ija jabaattu ati eenyu? Waan akkasii kan godhu kun hafuura mormituu Kristosi (antichrist spirit), hafuura Kristos irraa nama fageessu, hafuura Isa irraa nama

kutu dha. Kana gochuu hin dandeessan. Kristos iddoo tokkicha Waaqayyo itti warra Isa waaqeffatan simatu dha.

27 Bara har'aa akkas jedhu. Namoonni...natti himaa turan. Dhi'oo kana namichi tokko Bii'umoonti, Teeksaasii naaf bilbilee, “Obbo Brahaam, maqaan kee galmee waldaa keenyaa keessa hin jiru taanaan, jireenya Waaqarraa hin dhaaltu” naan jedhe. Waan akkasii takkaa yaaddanii beektuu? Wanti akkasii jira jettanii gonkumaa hin amaninaa. Miiseensa waldaa tokkoo ta'uu qabda, kanaa achii jireenya Waaqarraa hin dhaaltu jedhanii yaadu. Kun soba. Waan akkasiitti amanuun mormituu Kristos ta'uu dha. Kana nan jedha: isin hafuura akkasii amantu taanaan, baddaniittu. Milikkiti baduu keessan akka gaariitti ibsu isa kana dha, sababiin isaa, namni akkasii waan Waaqayyo hojjete irraa fagaachaa jira waan ta'eef. Waaqayyo gonkumaa Maqaa Isaa waldaa kam keessa illee hin keenye. Yeroo Innii fi Ilmi Isaa Tokko ta'anitti, Ilma Isaa Kristos Yesus keessaa Maqaa Isaa kaa'e. Iddoo waaqeffannaa dhugaan (genuine) Isa dha. Hundeen biraa tokko illee hin kaa'amne, hundeen dhagaa kan biraa tokko illee hin jiru.

Dhagaa jabaa isa ta'e Kristos irran dhaabadha;

Lafti kan biraan hunduu cirracha gadi nama fudhatu dha.

Dameeleen amantii caccabanii in hurraa'u in kufus, saboonni in darbu, Inni garuu baraa hamma bara baraatti dhaabatee hafa. Yesus Kristos keessatti malee iddoo namni Waaqayyotti dubbatu, iddoon Waaqayyo deebisee namatti dubbatus tokko illee hin jiru. Inni iddoo tokkicha Waaqayyo Maqaan Isaa akka itti waamamuuf fo'ate, iddoo tokkicha Inni nama Isa waaqeffatu itti simatu dha. Egaa isin kan biraa amantu taanaan, baddaniittu.

28 Hubadhaa, guyyoonni ayyaanaa torban warra Yihudootaa iddoo tokkotti ayyaaneffatamu turan. Isaan gunkumaa guyyaa ayyaanaa tokko warra Metedistiif addanatti, tokko immoo warra Baaptistiif gubbaa sanatti, tokko immoo warra Presbaayiteeriyaaniif goda sanatti, tokko immoo warra Kaatolikiif duuba sanatti, tokko immoo warra Protestaantiif gola sanatti hin keenye. Guyyoonni ayyaanaa torbanuu iddoo tokkotti (same) ayyaaneffamu turan.

As irratti kun fakkeenya gaarii ta'e tokko dha. Bara Waldoota Torbaa keessa dabarree dhufne, kunis Waaqayyo Waldoota Torban hundumaa Sagalicha keessatti eeguu Isaa kan agariisu dha. Tokkoo tokkoon Waldaa qaama Sagalichaa tokko godhachaa turan. Yeroo isaan Ificha argatanii Isa godhatan hundumaatti immoo...

Akkuma isa yeroo namoota jalqabatti Maqaa Yesusitti cuuphamuu argatanii ti. Isaan sun immoo maal godhan? Isaan isa keessaa damee amantii baasanii hundeessan, innis achumatti du'e. Yeroo sanatti Waaqayyo immoo gara nama kan biraatti ce'e. Inni seera waldaa (creed) fi digimtii (dogmas) kana tokko keessa iyyuu hin jiraatu. Inni kanaa wajjin walitti dhufeenya tokko iyyuu hin qabu. Waa'een Waaqayyoo wanti micciirame/jallate/ tokko iyyuu hin jiru. Sagaleen Waaqayyoo qulqulluu, kan makaa hin qabne dha. Kristos iddoo waaqeffannaa Waaqayyoo isa wiirtuu dha. Inni Waaqayyoo dha.

Ayyaanonni waggaa torbanuu iddoo tokkicha kanatti adeemsaifamu. Guyyoota ayyaanaa kana iddoo kan biraatti ayyeeneffachuu hin dandeessan. Ayyaanonni kunneen torban iddoo tokko duwwaatti geeggeffamu. Kanaafuu, Baroonni Waldaa Torban iddoo baaqqee tokko duwwaa irraa dhufe, innis Kristostu Baroota Waldaa Torbanii keessatti dubbachaa ture. Kun sirrii dha. Inni fakkeenya Baroota Waldaa Torbanii ti, isaan garuu irraa foxxoqsanii damee amantii hundeessan.

29 Mee kanuma duukaa buufnee fakkeenya tokko haa ilaallu, innis faasikaan gaadidduu Yesus ta'uu isaa ti. Asitti wanti nuyi qalbeeffannu waa'ee du'a aarsaa dhiiga dhangalaasuu ti. Aarsaan dhiiga dhangalaasuun dhi'eeffamu gaadidduu Kristos ture. Dameen amantii dhiiguu in danda'aa? Waldaan dhiiguu dandeessi jettanii yaadduu? Dameen amantii tokko dhiiguu in danda'aa? Dhugaadha dhiiguu hin danda'u. Dhiiguu kan danda'u wanta lubbuu qabu duwwaa dha. Wanti lubbuu... Yesus hoolicha ta'ee mul'ate. Hoolaan fakkeenya Kristos ture, hoolaan gaadidduu Kristos ture, sababiin isaa Inni, “Hoolicha Waaqayyoo,” isa Yohannis “Isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu” jedhee beeksise sana ture. Iddoo Yesus itti mul'ifame Seera Ba'uu boqonnaa 12ffaa keessatti arganna.

Qalbeeffadhaa, iddoo duuti rukutuu hin dandeenye tokko duwwaatu jira ture. Yeroo duuti biyyicha rukutuuf ka'etti, iddoo tokko duwwaa hin rukunne; namni iddoo sanaa ala ta'e hunduu in du'e. Iddoo tokko duwwaa! Egaa, mana tokko duwwaa hin jenne; iddoo tokko duwwaatu turen jedhe makee, iddoo hoolaan itti qalame tokko duwwaatu ture. Iddoo dhiigni hoolaa itti buufame ergamaan du'aa hin rukunne, sababiin isaa inni iddoo tokkicha Waaqayyo Maqaa Isaa itti waame waan ta'eef. Hoolichi hoolaa jedhamee kan moggaafame jalqabatti ture. Qalbeeffadhaa, iddoon duuti rukutuu hin dandeenye iddoo tokkicha sana duwwaa ture.

30 Amma bara har'aas akkuma kana. Iddoon hafuurri du'aa dha'uu hin dandeenye tokko duwwaatu jira, innis Sagalicha. Duuti Sagalicha dha'uu hin danda'u, sababiin isaa Inni Sagalee jiraataa Waaqayyoo ti.

Yeroo isin labsii seera waldaa (creed) Isatti dabaltanitti garuu, Sagalichi adda ba'ee gara Ofii Isaatti

in adeema. Inni akkuma bishaanii fi zayitaatti gargar in ba'a. Walitti makuu hin dandeessan. Kanaafuu hubadhaa, seerri waldaan labsitu (creed) yeroo damee amantii keessatti labsamutti, hundumti isaanii seerichatti qabamanii jiraatu; Sagalichi immoo achi keessaa ba'ee biqiluudhaan, nama kan biraa wajjin deemuudhaan isa duraa caalaa Of in baay'isa. Inni akkuma qajeelummaa irraa gara qulqullummaatti, qulqullummaa irraa gara cuuphaa Hafuura Qulqulluutti humna Isaa jabeeffataa deemee gara Ija Midhaaniitti bilchaatee in mul'ata. Karaa Waaqayyo baase argitanii? Inni Yeroo hundumaa karuma jalqabaatiin Maqaa Isaa mul'isaa ture, sababiin isaa Inni Sagalicha.

Qalbeeffadhaa, Inni du'uu hin danda'u. Sagaleen Jireenyaa du'uu hin danda'u.

Amma, attam guutummaatti sirrii akka ta'e hubadhaa. Ergamaan du'aa hayyoota gurguddoo Gibxii rukutuu irraa hin dhowwamne. Iddoo qulqulla'aa isaanii rukutuu irraa hin dhowwamne, ijaarsa gurguddaa biyyattii rukutuu irraa hin dhowwamne, Fara'oonota biyyichaa rukutuu irraa hin dhowwamne. Yookiis, ergamaan du'aa luboota biyyattii rukutuu irraa hin dhowwamne. Inni iddoo hoolaan jiru irraan kan hafe, mana hundumaa, nama hundumaa in rukuta ture.

Iddoo Waaqayyoof adda baafame sana duuti rukutuu hin danda'u, innis Hoolicha keessa.

Hubadhaa, inni Israa'el yookiis luboota Ibrootaa iyyuu, yookiis damee amantii kam iyyuu akka hin rukunneef hin dhowwamne. Humdumti isaanii iddoo Waaqayyo fo'ate, iddoo adda baafame keessa jiraachuun dirqama ture, warra achitti hin argamin du'atu isaan rukute.

31 Waldaa kam iyyuu ta'aa, iddoo kam iyyuu jiraadhaa, miseensa waldaa kamii iyyuu ta'aa, kun anaaf garaa garummaa tokko iyyuu hin qabu. Garuu, wanti baruun keessan dirqama ta'e tokkotu jira, innis, dirqama Kristos keessa ta'uu qabdu, kanaa achii isin du'aa dha. Isaan ala jiraachuu hin dandeessan. Tarii waldaan gaarii ta'uu danda'a, akka ijaarsaatti; tarii tokkummaan (fellowship) keessan gaarii ta'uu danda'a, akka namaatti. Garuu yeroo Dhagnicha, Dhiigicha, Sagalee Yesus Kristos diddanitti, battala kana gootanitti duutaniittu. Inni iddoo waaqeffannaa Waaqayyo fo'ate dha. Iddoo Maqaan Isaa jiru isa sirriitu jira. Iddoo Maqaan Isaa akka itti waamamuuf Inni fo'atetu jira; innis waldaa keessa miti, Ilmicha keessa malee;Yesus Kristos keessa malee.

Qalbeeffadhaa, nageenyi iddoo Inni filate, Hoolaa Isaa keessa jira maqaa hoolichaa keessa jira.

Qalbeeffadhaa, inni "korbeessa" hoolaa ture, isa malee ishee miti. Inni Ishee, waldaa miti; Maqaa Isaa ti malee, maqaa ishee miti. Iddoon Inni itti gara namaa dhufu maqaa ishee keessatti miti, Maqaa Isaa keessatti malee, Innis Hoolicha!

32 Amma, "Waldaa guddittiin, isheen humna qabeettiin kana goote, isheen sana goote. Isheen yandoodhaan guutte. Nuyi baay'anneerra; nuyi lakkoofsaan baay'ee dha; nuyi waldaa jabduu dha; isheen jabduu dha" jenna. Waaqayyo garuu gonkumaa waa'ee "ishee" hin dubbanne, waa'e"Isaa" dubbate malee. Iddoon wal ga'ii, "Isa," Hoolicha keessa malee waldaa miti. Maqaa ishee miti Maqaa Isaa ti malee. Inni Maqaa Isaa malee maqaa ishee eessa iyyuu hin keenye!

Sababiin, "Waan goonu hundumaa, waan dubbiidhaan yookiis gochaadhaan hojjennu hundumaa Maqaa Yesus Kristosiin gochuu qabnuuf" kanaafi. Yoo in kadhanna ta'e, Maqaa Yesusiin kadhachuu qabna. Gargaarsa gaafanna yoo ta'e, Maqaa Yesusiin gaafachuu qabna. In deemna yoo ta'e, Maqaa Yesusiin deemuu qabna. In haasofna yoo ta'e, Maqaa Yesusiin haasa'uu qabna. In cuuphna yoo ta'e, Maqaa Yesus Kristosiin cuuphuu qabna. "Dubbiidhaan yookiis gochaadhaan waanumti isin hojjettan hunduu Maqaa Yesus Kristosiin haa ta'u" jedhameera waan ta'eef.

33 Yeroo tokko namichi tokkoo wajjin waa'ee kanaa utuu mar'innuu, "Obboleessa koo Branhaam, haati manaa koo…" naan jedhe. "Maqaan ishee abaluu abaluu dha" jedhe. Inni tajaajilaa dha, tarii inni amma iyyuu as taa'ee jira ta'a. "Haati manaa koo maqaa koo fudhatteetti" naan jedhe. Mee Joones haa jennu, sababiin isaa abbichi Joones miti waan ta'eef. Inni, "Isheen ganama yeroo hundumaa irribaa kaatee harata (broom) fudhattee, 'Amma oobdii kana maqaa Jooneesiinan hara, an maqaa Jooneesiinan saanii dhiqa, maqaa Jooneesiin uffata nan sassaaba' jechuun ishee irra hin jiraatu" naan jedhe. Inni ittuma fufee, "Guutummaatti maqaa kamuu waamuun sirraa hin eegamu jedheen yaada" naan jedhe.

An immoo, "Nan amana, in waamta" jedheen deebiseef. Sirrii dha.

Inni deebisee, "Ba'eessa, maaliif Isheen...Durumaan dursee iyyuu wanti isheen hojjettu hunduu maqaa Jooneesiini" naan jedhe.

An immoo, "Garuu, gonkumaa utuma karaarra deemtuu ishee qabdee, 'Kottu Joones' isheedhaan hin jettu. Duraan dursitee isheen cidha gaa'eelaatiin, 'Joonesitti' jijjiiramuu qabdi. Isheen kana hin goone taanaan, ejjummaa keessa jiraataa jirta. Maqaa Yesus Kristosiin ala karaa biraatiin cuuphamte taanaa, kun ejjummaa cuuphaa ti, wanta Macaafa Qulqulluu irratti hin argamne waan ta'eef" jedheen deebiseef.

"Dubbiidhaanis ta'e gochaadhaan waan hojjettu hundumaa Maqaa Yesusiin hojjedhu," sana booda

waan gochuu qabdutu jira. Jalqaba garuu gara Maqaa Isaatti dhufuu qabda.

34 Galgala kana dubartoota gaggaarii, dubartoota gaggaarii fi amanamoo ta'an baay'eetu as jira; garuu Aadde Wiiliyaam Biranhaam dubartiin jedhamtu tokko duwwaatu as jira. Isheen kan na duukaa manatti galtu dha. Isheen haadha manaa koo ti.

Biyya lafaa keessa namoonni gaggaariin, waldoonni gaggaariin hedduutu jiru; garuu Aadde Yesus Kristos tokko duwwaatu jirti, Innis Ishee fudhachuuf dhufaa jira. Isheen iddoo Maqaan Isaa buufatu dha. Iddoon Inni itti waaqeffamu Ishee keessa duwwaatti dha. Kun dhugaa dha. Oo, eeyyee obboo. Kun dhugaa akka ta'e in argina.

Amma, sababiin, “Dubbiidhaan yookiis gochaadhaan, waan hojjennu hundumaa Maqaa Yesus Kristosiin goonuuf” kanaafi.

“Maqaa Yesus Kristosiin malee, maqaan kan biraa ittiin fayyuuf waaqa jalaa ilmaan namootaatiif kenname tokko illee hin jiru.” Hojii Ergamootaa boqonnaa 4ffaa keessatti, “Maqaa Yesus Kristosiin malee, maqaan kan biraa ittiin fayyuuf waaqa jalaa ilmaan namootaatiif kenname tokko illee hin jiru” jedha. Ameen. Isiniif galeera jedheen abdadha. Maqaan Yesus Kristos, hundumaa…

Dhumni Bantii Waaqaa Isaan waamama, Macaafni Qulqulluun, “Sanyiin waaqa keessa jiraatuu fi sanyiin lafa irra jiraatu hundinuu Yesusiin waamama” jedhee dubbata. Kanaafis egaa inni Maqaa Waaqayyo fo'atee fi iddoo Inni Isa itti waamsise dha. Inni iddoo waaqeffamuu Isaati, innis immoo Yesus Kristos keessa dha.

35 Egaa amma akkas ta'uu isaa hubanneerra, Isa keessa malee iddoon waaqeffannaa biraa hin jiru.

“Maqaan kan biraa ittiin fayyuun waaqa jalaa ilmaan namootaatiif kenname tokko illee hin jiru.” Maqaan Isaa Maqaa furii Waaqayyoo ti. Waaqayyo maqaa Yaahwee-yiiree, Yaahwee-raafaa jedhamee ittiin waamamu qaba. Yaahwee-yiiree jechuun, “Gooftaan cubbuu kee hundumaa siif dhiisa” jechuu dha. Yaahwee-raafaa jechuun immoo, “Gooftaan dhukkuba kee hundumaa siif fayyisa” jechuu dha. Inni maqaalee kabajaa hedduu qaba ture. Maqaa furii garuu tokko duwwaa qaba, innis maqaa dhalli namaa ittiin waamamu yoo ta'u, maqichis Maqaa “Yesus” jedhamu dha. Inni egaa Maqaa Isaa ti, isa Inni ittiin waamamu dha. Inni Maqicha eessa kaa'e? Inni Kristos keessa kaa'e.

Maqaaleen waldaa, seerota waldaa (creeds), maqaalee kabajaa hundumaa amanuun du'a. Waldaan Metedistii Jireenya Waaqarraatti na galcha jettanii amntu yoo ta'e, baddaniittu. Waldaa warra Pheenxeqoostaaliitu Jireenya Waaqarraatti na galcha jettanii amantu yoo ta'e, baddaniittu. Akkasumas Baaptistii, Luuteraan, Prebaayteeriyaan, Kaatolikii, waldaa kamuu haa ta'u; maqaa isaanii yookiis maqaa kabajaa (title) isaanii, yookiis seera isaanii amantu yoo ta'e, baddaniittu.

Sababiin isaa waaqeffachuuf iyyuu jalqaba iddoo waaqeffannaa dhaquutu isin irraa eegama waan ta'eef. Ameen. Iddoon tokkichi Waaqayyo warra Isa Waaqessanii wajjin wal argu, iddoo Maqaan Isaa akka itti waamamuuf fo'ate duwwaatti. Kana irraan kan hafe waan biraa kam illee yoo ta'e, isatti amannaan in duutu.

36 Kana malees Inni…

Wanti gaadidduu Yesus ta'e kan biraanis jira, mee Caaffata Qulqulla'aa keessaa haa ilaallu. Gaadidduun Isaa asitti, “Inni mudaa kan hin qabne ta'uu qaba” isa jedhu dha. Iddoon Inni Maqaa Isaa itti waamsisu, hoolichi, mudaa kan hin qabne ta'uu qaba.

Amma, damee amantii yookiis siistema kamtu ulaagaa kana guuta; waldaa kami? Kaatolikiidhaa? Protestssntiidhaa? Amantii Yihudootaatii? moo isa kamitu ulaagaa kana guuta? Sirana kam? Dameen amantii itti hirkattan kan, “Mudaa of irraa hin qabne” isa kami? Hunduu kan tuffatame, kan jibbame mitii!

Garuu iddoon tokko jira! Haaleluyyaa! Iddochi Yesus Kristos keessa dha. Mudaan tokko iyyuu Isa keessa hin jiru. Dogoggorri tokko iyyuu Isa keessa hin jiru.

Kana jechuu hin dandeessan. Namoonni kunneen hunduu kana gochuu yaalu, isaan waldaan isaanii balleessaa kan hin qabnee fi waan kana hundumaa dha jedhanii dubbatu. Isaan xuraa'ummaatti jiraatu, isaan warra Dubbii Sagalichaa cabsani dha, gar tokkeen isaanii du'aa dha, warri Laa'odiqeyaa, seerri waldaa isaanii hunduu Dhugaa miti.

Philaaxoos mataan isaa, diinni Isaa iyyuu, “Ani balleessaa tokkollee Isa irratti hin argine” jedhe. Inni balleessaa akka hin qabne diinumti Isaa dhugaa ba'eef. Cubbuu tokko illee Isa irratti arguu hin dandeessan.

Luboota bara Isaatiin, “Isin keessaa eenyutu cubbamaa godhee Na yakkuu danda'a? Cubbamaaa akkan ta'es eenyutu mul'isuu danda'a?” jedhe.

Waldaa dogoggora tokko illee hin hojjetin tokko mee natti himaa. Ifaaf ifatti, isaan keessaa tokko illee hin jiru. Garuu ajjeechaa fi gocha garaa garaa baroota keessatti raawataniin beekamu. Yeroo sanatti isaan ittuma fufanii…jadhanii of isaanii… Lakki, seerri amantii yookiin dameen amantii kam illee iddoo waaqeffannaa Waaqayyo itti namaan wal argu miti.

37 Firoota koo, an miira keessan tuquuf miti, garuu Ergichaaf nan gaafatama, Ergichis, “Laaqii kana keessaa kottaa ba'aa!” kan jedhu dha. Kottaa ba'aa yommuun jedhu eessattin isin geessuuf isinitti fakkaata? Mana Sagadaa Branhaamittin isin galchuufii? Kana taanan akkuma warra kaan hundumaa dogoggora hojjechuu koo ta'a.

Garuu iddoon itti isin fudhachuu danda'u tokkotu jira, innis iddoo nageenyi keessan itti eegamu, iddoo waaqeffannaa Waaqayyoo yommuu ta'u, innis Yesus Kristos keessa dha. Innis iddoon galgala kana isinii wajjin wal barsiisaa jiru yoo ta'u, iddochis iddoo Waaqayyo Maqaan Isaa akka itti waamamuuf fo'ate dha. Iddoon namni hunduu dhufee Isaa wajjin akka wal arguuf Inni abdachiise, Iddoon namni akka Isa waaqessuu fi akka Isaa wajjin maaddiitti taa'uuf Inni abdachiise Kristos keessa dha; waldaa keessa miti, mana sagadaa keessas miti, Kristos keessa malee.

Inni Mana Qulqullummaa waaqayyooti.Inni iddoo Waaqayyo ol itti seenee, Ofii Isaatii keessa buufate dha. “Inni kun Ilma Koo Isa jaallatamaa dha, gammachuun Koos Isatti in raawwatama.” Iddoon Waaqayyo mana qulqullummaa godhatee Maqaa Isaa itti waamsise Yesus Kristosi. Kanaafuu Maqaan Isaa Nama tokkotti, Ilma Isaatti, Yesus Kristos isa Ofii Isaatii keessa buufatetti waamsise.

Iddoon sun, Yerusaalem isheen durii, guyyoonni ayyaanaa durii, manni qulqullummaa durii hunduu gaadidduu turan; yummuu aarri mul'atetti, guyyaa saanduqni kakuu gadi buufamee kennametti, Sagaleen Waaqayyoo isarraa dhaga'ame.

Sagaleen Waaqayyoo gara Mana Qulqullummaa isa ta'e gara Yesus Kristos yommuu dhufes akkasuma in dhaga'ame; kunis inni Moofaan (wanti uumamaan argamu) fakkeenya fi gaadidduu wanta Haaraa ti. Inni yommuu gara keessa kristos dhufettis, “Inni kun Ilma koo Isa jaallatamaa dha, gammachuun koos Isatti in raawwatama. Inni iddoo Maqaan Koo itti waamamu, iddoon itti nama arguu fi iddoon itti waaqeffamu dha” jedhe. Iddoon Waaqayyo filate waldaa damee amantii keessa miti, Yesus Kristos keessa malee. Eeyyee obboo.

38 Akkuman sila dubbadhe, Inni, “mudaa kan hin qabne” ta'uu qaba. dameen amantii kam illee isa kana ofiin jechuu hin dada'u. Isaan kana ofiin jennaan, mormituu Kristos ta'uu isaanii ti.

Amma asittis waan tokko in argina, gaadidduu Isaa ammas asitti qalbeeffadhaa. Hoolichi eegamuu qaba. Kun Seera Ba'uu keessa jira, barreeffachaa jirtu yoo ta'e Seera Ba'uu 12:3-6tti qabachuu dandeessu. Hoolichi guyyaa afuriif eegamee, aarsaadhaaf dhi'eessuuf ga'umsa qabaachuun isaa qoramee in ilaalama. Mudaa qabaachuu fi qabaachuu dhiisuun isaa, dhukkubsataa ta'uu fi ta'uu dhiisuun isaa yookiis dhimma kanaaf ga'aa ta'uun hoolichaa in ilaalama. Inni diqama guyyoota afuriif eegamuutu irra jira.

Amma, qalbeeffadhaa. Kaan keessan tarii inni salphaadhumatti guyyaa gaafa kudha afuraffaatti qalama jettanii yaaddu ta'a. Garuu yaadadhaa, isaan hoolicha ji'icha keessaa guyyaa kurnaffaatti fuudhanii, guyyaa kudha afuraffaatti immoo in qalu turan. Hubadhaa, guyyaa afuriif eegamaa tura.

Egaa Yesus, Maqaan Waaqayyoo, Hoolichi Yerusaalemiin erga galee booda hamma gaafa du'uu, awwaalamuu fi du'aa ka'uu Isaatti raawwatee achi keessaa hin baane. Inni guyyaa afurii fi halkan afuriif warra ga'istuu jalatti eegamaa ture. Hoolaan sun guyyoota afuriif eegamuun attam dhibbaa dhibbatti Isatti akka fakkeeffamu hubadhaa. Yeroon isaa yeroo Philaaxos, “An balleessaa tokko iyyuu Isa Irratti hin argine” jedhetti ture.

39 Gaadidduu kan biraan immoo, lafeen Isaa tokko illee cabuu hin dandeenye, dhugaa dha isaan kana gochuu hin dandeenye. Aarsaa dhi'eessuu keessatti lafee tokko iyyuu cabsuun hin danda'amu ture. Lafeen hoolaa aarsaan dhi'aatu sun cabeera taanaan aarsichi fudhatama hin qabu. Lafee miilla Kristos cabsuuf gadduumii kan itti aggaaman yeroo, “Innoo du'eera” jedhanitti ture. Cinaacha Isaa waraananii Dhiigaa fi bishaan lolaasan.

Waan guddaa kan biraa tokko addanatti qalbeeffadhaa. Waan kana bira darbuu hin dandeenye. Inni daakuu midhaan dhi'eeffamuuttis fakkeeffameera. Nan yaadadha, yeroo tokko isaan mana barumsaa Macaafa Qulqulluu isa mana barumsaa raajotaa jedhamu keessa turan, innis manuma barumsaa sirrii ture. Guyyaa tokko Eliyaas gara mana barumsichaatti ol ba'ee isaaniin, “Nuyi…” jedhe. Isaan, “Yommuu ati naannoo kana jirtutti wanti hunduu sirrii ta'a” jedhanii isa argachuuf deeman.

Kanaafis irbaata akka nyaatuuf isa fuudhani deeman Kutati lubootaa, yookiis kutati raajotaa irbaata isaaf qopheessuuf buqqee bakkee keessaa ciranii fiduuf deeman. Yeroo deemanittis korojoo guutuu ciratanii kan deebi'an yoo ta'u, wanti ciranii dhufan hadhooftuu summawaa ta'ee argame. Hadhooftichas yommuu haffelanitti, namni ta'e, “Eliyaas, wanta nama ajjeesutu xuwwicha keessa jira. Nuyi kana

nyaachuun nuuf hin ta'u” jedhe.

Eliyaas immoo, “Daakuu midhaanii harka tokko fidi ittiin jedhe. Daakuchas fuudhee xuwwichatti darbatee, ”Nyaadhaa, xuwwichi fayyeera‟ isaaniin jedhe.

Daakuun midhaanii dhi'aate sun Kristos dha. Iji wayinii hunduu, iji midhaan aarsaaf dhi'aatuus bifa wal fakkaatuun daakamuu qaba ture. Kunis kan agarsiisu fayyisaa ta'uu Isaa ti. Inni Jireenya du'aan bakka buusee namaaf kenna; kunis seera lama. Haaleluyyaa! Iddoo tokko duuti yoo jiraate, Yesus ol seennaan Jireenyatu ol seena. Iddoo duuti jirutti Jireenyatu jira ture, sababiin isaa, daakuu midhaan aarsaa isa ta'e Kristostu ol seene.

Utuu yeroo fudhannee keessa gadi lixnee ilaallee silaa barisiisa guddaa attamii ture!

40 Amma qalbeeffadhaa, gaadidduun tokko illee utuu hin raawwatamin hin hafne. Gaadidduwwan sana keessaa jechi tokko illee lafa hin buune. Wanti hunduu dhibbaa dhibbatti raawwatameera.

Inni iddoo Waaqayyo itti waaqeffamuuf fo'ate dha, Maqaan Waaqayyoos Isaaf kennameera. Inni Sagalee Waaqayyoo ti, Inni Maqaa Waaqayyoo tis. Inni al tokkotti Sagalee Waaqayyootis Maqaa Waaqayyootis. “Inni Sagalee foon uffate ture.” Inni Sagalee Wayyoo ture, Inni Hoolaa Waaqayyoo ture, Inni Maqaa Waaqayyoo ture, Inni Waaqayyos ture. Wanti Inni ture isa kana, Inni iddoo tokkicha Waaqayyoon waaqessuuf fo'atame dha.

Yesus Kristos biratti iddoo kan biraa kam iyyuu Waaqayyo in jibba; Isaan ala iddoo kamitti illee Isa waaqessuu hin dandeessan. Inni, “Ana waaqessuun isaanii akkasumaan, abboommii namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu” isaaniin jedhe. Bara har'aa kana labsii waldaa (creeds), digimtii (dogma), fi wantoota baay'ee kanneen karaan isa *kana*, karaan isa *sana* jedhanii barsiisantu jiru.

Yesus immoo, “Ana Karaan, Ana Dhugaan, Ana Jireenyi, eenyu illee karaa koo malee gara Waaqayyoo dhaquu hin danda'u” jedhe. Karaa biraatiin, “Balballi dallaa hoolaan itti galtuu Ana. Balbala kanaan ala warri galuu barbaadan hunduu hattoota” jechuu Isaa ti. Karaan ittiin itti dhi'aatan Isa duwwaa dha. Inni Balbala karraa ti. Inni Karaa dha, Inni Dhugaa dha, Inni Jireenya, Inni wanta jira jedhamu hundumaa ti; karaan seensaa tokkichi, iddoon tokkichi, waaqeffannaan tokkichi, Maqaan tokkichis Isa.

Wanti hunduu Yesus Kristositti kan hidhame dha. Guutummaan Kakuu Moofaa Isatti kan hidhame dha. Kakuun Haaraa Isatti kan hidhame dha. Waldaan bara har'aas Dubbii Sagalee abboommii Isaatiin Isatti kan hidhame dha. Iddoon Waaqayyo itti nama arguuf abdachiise kan biraan, yookiis Maqaan biraa, yookiis iddoon kam illee raawwatee hin jiru; waaqeffamuuf iddoon Inni fo'ate tokkichi Yesus Kristos keessa duwwaa dha.

41 Qalbeeffadhaa, Waaqayyo warra Isa waaqessanii wajjin wal arguuf iddoon Inni abdachiise iddoo tokkicha kana, innis kan Inni fo'ate dha; fo'annaa keenyaan miti, yaada keenyaan miti; yaada Isaatiin malee, filannoo Isaatiin malee. Iddoon sunis iddoo Maqaan Isaa akka itti waamamuuf fo'ate dha.

Amma, iddoon Maqaan Isaa akka itti waamamuuf Inni fo'ate Yesus Kristos keessa ta'uu hubanneerra, iddoon kan biraa, yookiis maqaan kan biraa hin jiru, isa kanatti quuftaniittuu? “Ameen” jedhaa. [Waldaan, “Ameen” jedhan.] Egaa wanti kanaan walqatee jiru, iddoo sana yoo qorannee ilaalle…Krisosin ala iddoon waaqeffannaa fudhatama qabu eessa iyyuu hin jiru.

Yaada garaa keessanii geeddarachuu dandeessu, isa kana gochuu dandeessu, garuu amma iyyuu waaqessaa hin jirtan. Dhiifamuu cubbuutiif kadhachaa jirtu. Phexros…

Guyyaa Phenxeqosteetti, hundumti isaanii afaan haaraa dubbachuu, milikkitaa fi dinqii gurguddaas yommuu arganitti waldaan, “Namoonni kun daadhii wayinii jabaa machaa'aniiruu. Isaan akka nama machaa'ee godhachaa jiru. Isaan…” jedhanii isaanitti kolfuu jalqaban. Dubroo Maariyaam, warri kaanis hundinuu, namoonni dhibbaa fi digdamni achi turan. Isaan hunduu akka nama machaa'ee bitintiraa, afaan haaraa dubbachaa turan. Isaan immoo, “Namoonni kun daadhii wayinii jabaatiin machaa'aniiru” isaaniin jedhan.

42 Phexros garuu lafaa ol ka'ee, “Yaa namoota nana, yaa obbolootaa, jarreen kun waan machaa'an isinitti hin fakkaatin, amma ganama, yeroonis sa'aatii sadaffaa dha! Inni asitti ta'e kun garuu waan Waaqayyo afaan raajicha Yo'eliin, 'Guyyaa gara dhumaatti akkana in ta'a jedha Waaqayyo: foon qabeessa hundumaaf Hafuura Koo Nan kenna, ilmaan keessanii fi intaloonni keessan raajii in dubbatu; dargaggoonni keessan mul'ata in argu, maanguddoonni keessanis abjuu in abjootu. Eeyyee, guyyoota sanatti hojjetoota Koo warra dhiiraa fi dubartiidhaaf Hafuura Koo Nan kenna, raajiis in dubbatu. Wanta dinqisiisaa ol waaqa irraa, milikkitas gadi lafa irraa, dhiigaa fi ibidda, aara lafa gurraachessus nan argisiisa; guyyaan Gooftaa inni guddaanii fi inni dinqisiisaan utuu hin dhufin, aduun dukkanatti, jiinis dhiigatti in geeddaramti. Maqaa Gooftaa kan waammatu hundumtinuu immoo in oola' jedhee dubbatee dha” isaaniin jedhe.

Isaan yommuu kana dhaga'anitti garaan isaanii baqaqee, “Yaa obboloota nana maal goonu ree?” jedhan.

Phexros immoo, “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoon keessan Maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa; kennaa Hafuura Qulqulluus in fudhattu. Abdiin Waaqayyo abdichiise isinii fi ijoollee keessaniif, warra fagaatanii jiraataniif, Waaqayyo keenya gooftichi itti waamu hundumaafis” jedhee deebiseef.

43 Amma, dhaloota warra fagaatanii jiranii in argina.

Egaa amma attamitti Isatti akka ol seennu waliin ilaalla. Attamittiin gara iddoo waaqeffannaa kanaatti ol seenna? Ergaan Qorontos Inni Duraa boqonnaan 12, “Hafuura tokkoon!” jechuudhaan deebii kenna. Waldaa tokkoon miti, seera labsii waldaa tokkoon miti, paasterii tokkoon miti, luba lubootaa tokkoon miti, luba tokkoon miti. Garuu, “Hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf Hafuura tokkoon cuuphamneerra,” Dhagni tokkichi sunis Dhagna Yesus Kristos yommuu ta'u, innis kennaa Dhagnicha keessa jiru hundumaaf kan ajajamu ta'a. Eeyyee, obboo! Miseensummaadhaan miti, faaruu labsii waldaatiin miti, ol utaaluudhaan miti, qoomma'uudhaan miti, harka fuudhaadhaan, yookiis waan biraatiin miti. Garuu dhalootaan Dhagna Yesus Kristositti cuuphamne! Ameen. “Hundumti keenya garuu Dhagna tokko ta'uudhaaf Hafuura Qulqulluu tokkoon cuuphamneerra.”

Dhagnichi maali? “Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi Ofii Isaa Waaqayyo ture. Sagalichi nama foonii ta'ee nu gidduus buufate.” Attamitti Dhagnicha keessa jiraannee Dubbii Isaa tokkoon mormuu, yookiis wanta Dhagnicha keessa hin jirre tokko attamitti itti daballa ree? Attamitti kana gochuu dandeenya ree?

44 Iddoo Waaqayyo fo'ate! Qalbeeffadhaa, ragaa dhugaan dhugaatti Isatti, Sagalichatti amanuu keessan mul'isuu, yommuu isin dhugaatti Isatti cuuphamtani dha.

Bu'aa dhagna Isaa taatanii attamitti Isa ganuu dandeessu? Harki koo harka koo ta'uu isaa attamittan ganuu danda'a? An harka koo nan gana taanaan, miilla koo nan gana taanaan, rakkoo sammuun qaba jechuu dha, haaluma kanaan amanaan Dubbii Waaqayyo dubbatee fi abdii Waaqayyo abdachiise ganu kam illee karaa hafuuraa rakkoo qabaachuu isaa ti. Namni akkasumaan amanaa ofiin jedhu karaa hafuuraa rakkoo wayii qaba.

Sagalee Isaa keessaa qubee tokko illee ganuu hin dandeessan, sababiin isaa bu'aa Dhagna Isaa taatanittu waan ta'eef. Isin Isa keessatti cuuphamuudhaan bu'aa dhagna Isaa taatan; Hafuura Qulqulluudhaan gara Dhagna Kristositti dhuftan. Maal wanti miidhagaan akkasii!

45 Waaqayyo iddoo murtaa'aa itti Abrahaamiin argu qaba ture, Abrahaamis Kakuu hundumaa keessatti achitti waaqeffata ture.

Abdiin Dubbii Sagalee Isaa isin keessatti Isumaan hiikama. Isiniif galeeraa? Sagaleen Inni bara isin jiraachaa jirtan kana keessatti raawwachuuf abdachiise, caaffata namni hunduu akka beekuuf akka dubbisuuf caafame in taatu. Wanta isin jettan utuu hin ta'in, wanta Waaqayyo isin keessaan hojjetutu wanta isin jechuuf maltan caalaatti sagalee ol fudhatee dubbata. Waaqayyo, “Milikkitoonni kun warra amanan biratti in argamu” jedhee dubbateera. Inni isin keessaan in dubbata.

Inni waa'ee bara kanaa, waa'ee waan bara kana keessatti ta'uuf jiruu dubbate. Amantoonni bara kana keessa jiraatan Kana amanuu qabu, waan inni bara kanaaf abdachiise amanuu qabu. Akkuma isa yeroo isaan ooluuf gara markabichaattu galuun irra tureetti; akkuma isa isaan ooluuf biyya Gibxii keessaa ba'uun isaan irra tureetti; isaan kunis amma ooluudhaaf Kristos keessatti, Ergaa Sagalee keessatti seenuu qabu, innis Isa kaleessa ture, har'as bara baraanis isuma sana ta'e dha.

Attamittiin Isatti galuu dandeessu? Cuuphaadhaan! Cupphaa maaliitiin? Kan bishaaniitiinii? Cuuphaa Hafuura Qulqulluutiin! “Hafuura Tokkoon, Dhagna tokkicha kanatti cuuphamna.”

46 Abdii Sagalee Isaas, Inni hin…Isa hiikuun isin irra hin jiraatu. Inni isin keessaan Isa in hiika; wanti isin gochaa jirtan wanta Inni isin abdachiise dha. Waldaa Isa duukaa buutu Isa fakkaachuu keessa baatee hanga namoonni ishee irratti beekaniitti ga'uu qabdi.

Phexrosii fi Yohannis yummuu namicha tokko akka fayyisaniif iddoo balbala Miidhaagaa jedhamutti yummuu gaafataman ilaalaa. Luboonni sun, “Namoonni sun wallaalota, namoota hin barannes ta'uu isaanii in beekan” jedhan, garuu isaan Yesus wajjin akka jiran hubanne. Sababiin isaa maali? Isaan hojii Yesus hojjete hojjechaa jiru waan ta'eef.

Inni hojii Waaqayyo Abbaa ture. Har'as dirqama akkasuma ta'uu qaba.

Egaa amma, yaadadhaa, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana; Waaqayyo iddoo tokkicha isa ta'e Isa keessatti isin arga'oo; Iddoon tokkichi Maqaan Isaa akka itti waamamuuf Waaqayyo fo'ate Yesus keessa. “Yesus” maqaa Waaqayyoo ti. Yaadadhaa, Abbaan, Ilmi, Hafuurri Qulquulluun

maqaalee kabajaa (titles) Maqaa “Yesus Kristos” ti.

47 Maatewos keessatti, “Maqaa Abbaatii fi Ilmaatti, kan Hafuura Qulqulluuttis isaan cuuphaa” jedhe.

Har'a attamittiin jal'ifamee hiikamuudhaan, “Maqaa Abbaatti, maqaa Ilmaatti, maqaa Hafuura Qulqulluutti” jedhamee dubbatama. Akkasitti iyyuu hin caafamne. “Maqaa,” baaqqee dha, “Maqaa Abbaa fi Ilmaa, kan Hafuura Qulqulluutti” jedha. Abbaan maqaa dhuunfaa miti, Ilmi maqaa dhuunfaa miti, Hafuurri Qulqulluu maqaa dhuunfaa miti; maqaa kabajaa ti malee.

Guyyaa kudhan booda Phexros lafaa ka'ee, “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, tokkoon tokkoon keessan Maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa” isaaniin jedhe. Yoos Phexros waan Inni hin godhinaa isaaniin jedhe godhe jennaa ree? Inni waan Yesus godhi jedhee isatti himee ture godhe. Maqaan Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulquulluu “Gooftaa Yesus Kristosi.”

48 Namoonni Kakuu Haaraa keessaa hundumtuu Maqaa Gooftaa Yesus Kristositti cuuphamani.

Macaafa Qulqulluu keessaa namni maqaalee kabajaa Abbaa, Ilma, Hafuura Qulquulluutiin cuuphame tokko illee hin jiru. Sun hamma gaafa labsii walii galtee Niiqeyaa kan magaalaa Niiqeyaa, Roomaatti adeemsifameetti hin jiru ture. Inni ajaja waldaa Kaatolikii ta'e addaan baafameera, kaatekiziimii (catechism) keessattis akkasuma argameera. Inni guutumaan guutuutti labsii Kaatolikii Roomaa akka ta'e kitaabota Faaktis Oof Aawor Fee'iz (Facts Of Our Faith) jedhuu fi kanneen biroo irraa dubbisnee argineerra.Inni Macaafa Qulqulluu keessa akka hin jirre, garuu immoo yoo barbaadan Sagalicha sababa Phaaphaasiif jijjiiruuf aboo akka qaban isaan in dubbatu. Ani garuu isaan irraa adda.

Yesus Kristos kaleessa isa ture, har'as barabaraanis isuma sana. “Eenyu illee, dubbii Macaafa Qulqulluu kanaatti Jecha tokko yoo dabale, yookiis Jecha tokko yoo Isa keessaa hir'ise, ga'een isaa Macaafa Jireenyaa irraa in hir'ifama” jedhe Yesus. Jecha tokko; hima tokko miti, yookiis keeyyata tokko miti, jecha tokko malee! “Eenyu illee Jecha tokko…..

49 Jalqabatti Waaqayyo saba Isaa, Sagalee Isaatiin jajjabeessaa ture. Jecha tokko jal'isuun du'aatii hundumaaf, mataa bowwuu hundumaaf, gadda hundumaafis sababa ta'a ture.Hewaan raawwattee hima tokko hin cabsine, isheen jecha tokko duwwaa cabsite.Yesus yeroo walakkeessa Macaafichaatti dhufetti…Inni jalqaba macaafichaa ture.

Yesus yeroo walakkeessa macaafichaatti dhufe maal jedhe? “Namni buddeena duwwaan hin jiraatu, Dubbii afaan Waaqayyo keessaa ba'u hundumaan malee.”

Dhuma Macaafichaa isa ta'e Mul'ata boqonnaa 22 lakkoofsa 18 keessatti, xumura macaafa Qulqulluu irratti Yesus ofii Isaatii Dubbatee, “Eenyu illee Macaafa kanatti Jecha tokko yoo dabale, yookiis Jecha tokko yoo Isa irraa hir'ise ga'een isaa Macaafa Jireenyaa irraa in hir'ifama” jedhe. Sababiin isaa, inni raajii sobaa fi saba karaa irraa kan jal'isu waan ta'eef, kana gochuu isaatiif dhiigni saba sanaa mataa isaa irraa haa barbaadamu.

Nuyi waaqeffannaa tokkicha sana duwwaa eeguu qabna, Sagalicha inni ta'e Yesus Kristos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana kan ta'e dha. Ameen. Kun sirriidha. Yaadadhaa, iddoon waaqeffannaaf itti wal ga'an kan biraa tokko illee hin jiru. Waaqayyo isa fo'ate.

50 Yohaannis, hidhaa kakuu Haaraa fi kakuu Moofaa ture. Amma sirriitti dhaggeeffadhaa. Sirriitti qalbeeffadhaa. Yohannis, joobirri jabaan sun guyyaa tokko koochoo bal'isaa lafa onaa keessaa balali'aa dhufe. Innis qarqara laga Yordaanos qubate, raajii joobirri guddaan sun riqicha Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa ta'ee gara mirgaa fi gara bitaatii walitti isaan waame. Inni guyyaa yaada garaa geeddarannaa labsaa ture.

Iddoo Fariisonnii fi Saaduqoonni walitti baba'anitti, “Isin garaa keessan keessatti, 'Abbaan keenya Abrahaami' hin jedhinaa, sababi isaa, Waaqayyo dhagoota kanattii Abrahaamiif ijoollee kaasuu akka danda'u isinittan hima” isaaniin jedhe. Oo, yaa anaa!

Inni Wangeela lallabuu yeroo jalqabetti, “Inni isin gidduu dhaabatee jira, isin garuu Isa hin beektan. An hamma yoonaatti adda baafadhee Isa hin barre, garuu yeroo Inni dhufutti Isa nan beeka. An nama hidhaa kophee Isaa hiikuuf male miti. Inni garuu Hafuura Qulqulluu fi ibiddaan isin in cuupha. Oobdii Isaa keessatti midhaan kan ittiin qulleessu hafarsaa of harkaa qaba; midhaan isa qulleeffames gombisaa Isatti in sassaaba; habaqii isaa garuu ibidda hin dhaamneen in guba” isaaniin jedhe.

51 Yeroo warri isa miidhan isa marsanii dutanitti, joobirri Wangeelaa jabaan sun achuma ture. Wanti xuraa'aan sunis as ba'e yookiis Heroodis mootiin yeroo sanaa, seera labsituun yeroo sanaa, haadha manaa obboleessa isaa fuudhe. Joobirri Wangeelaa jabaan sun achi taa'ee utuu jiruu nagaatti isa dhiisa jettanii yaadduu yeroo sanatti?

Isaan keessaa kaan, “Yohaannis, waa'ee gaa'ela ijaaruu fi gaa'ela diiguu irratti hin lallabin, sababiin isaa, Heroodis addana taa'ee jira waan ta'eef” isaan jedhan.

Inni gara fuula isaa duraatti achi ba'ee, “Ati ishee fuuchuun seera miti” isaan jedhan.

Inni maal ture? Inni joobira lafa onaa keessaa dhufe ture. Inni sodaachisaa fi naasisa damee amantii keessatti nama leenjifame hin turre, waan achitti ta'u beekuuf humna Waaqayyoo Isa Hundumaa Danda'uu jalatti leenji'e malee. Inni calaqqeen Masihiichaa maal akka ta'e in bare.

Haaleluyyaa! Kana jechuun, “Waaqayyo keenyaa, Si haa galatu!” jechuu dha. Hin na'inaa. Ani gammachuudhaan hin burraaqne.An iddoon jiru sirriittan beeka.

Oo, waa'ee isaa yeroon yaadutti, joobirri jabaan sun balali'ee lafarra bu'aa jira! Inni, “Yeroo Inni dhufutti, Isa nan beeka” jedhe.

52 Guyyaa tokko inni achi dhaabatee lallaba ture. Luboonni gama biraatiin toora galanii turan immoo, “Aarsaan walitti fufee dhi'eeffamu, manni qulqullummaa guddaan nuyi ijaarre kun, hojii gurguddaa nuyi itti waamamnu, damee amantii guddaa ta'uun keenya kun guyyaan itti balleeffamu dhufuuf jira nuun jechuu keetii?” jedhanii isa gaafatan.

Inni immoo deebisee, “Yeroon wantoonni kunneen hunduu itti balleeffaman dhufuuf jira” isaaniin jedhe.

Isaan immoo deebisanii, “kun ta'uu hin danda'u. Ati raajii sobduudha!” isaan jedhan.

Inni of duuba galagalee, “Ilaa, Inni as jira! Iddoon Waaqeffannaa Waaqayyo fo'ate addana jira. Hoolichi kunoo ti, Inni Hoolicha isa dhugaa, Isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhudha” jedhe. Inni, “Ilaa Metedistii, Baaptistii, yookiis ilaa Kaatolikii” hin jenne. Inni “Ilaa Hoolaa Waaqayyoo isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu” jedhe.

Iddoon nagaaf daangeffame (safty zone) Hoolicha Waaqayyoo sana keessa duwwaadha. Fayyinni Isa keessa qofa jira; waldaa kamuu keessa miti, abbaa kamuu keessa miti, haadha kamuu keessa miti, nama qulqulluu kamuu keessa miti, yookiis iddoo qulqulluu kamuu keessa miti, Waaqayyo qulqulluu keessa, Gooftaa Yesus Kristos iddoo Waaqayyo Maqaa Isaa nama foonii keessa kaa'ee, furii ittiin nu fure, Isa cubbuu keenyaaf gatii kaffale keessatti argama. Iddoon fayyinni lubbuu jiru Isa keessa duwwaa dha. Inni Kattaan irra dhaabadhu dha.

53 Yohaannis sirriitti gar gar baasee isa bare. Inni, “Ani yeroo Inni adeemaa dhufen Isa bare miti, bakkee iddoon itti barachaa turettin Isa bare malee” jedhe. Akka abbaa isaa iddoo seminariitti barate miti; inni akka luba tokkootti leenji'e miti. Garuu lafa onaa, iddoo seminariin tiyooloojii Waaqayyo Hundumaa Danda'uu jiruutti galee Sagalee Waaqayyoo eeggachaa ture; wanta gareen namootaa akka cuucii falfalanii yaasan utuu hin ta'in, wanta Waaqayyo waa'ee Isaa dubbatee turedha. Yohaannis yommuu ol ilaalee utuu Hafuurichi gadi bu'aa jiruu argetti, “Ani dhugaa nan ba'a, kun Isa”jedhe. Oo, yaa anaa!

Iddoon Waaqeffannaa qabdu. Iddoo boqonnaa qabdu. Hoolichi Waaqayyoo Inni cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu jira.Waldaa kam illee miti, labsii Waldaa, yookiis waan kan biraas miti, cubbuu biyya lafaa irraa kan fuudhu Hoolicha duwwaa dha.

Yohaannis attamitti akka deebii kenne argitanii? Inni, “Isin warri Fariisotaa sirrii dha, isin warri Saaduqootaa sirrii dha, isin warri garee Herodis...” hin jenne. Inni, “Hoolilichi jira” jedhe. Egaa iddochi Isa. Inni Maqaa qaba. Inni isa Tokkicha sana. Waaqaa gaditti Maqaan biraa hin jiru!

54 Amma immoo waan Yesus waa'ee Yohaannisiif dubbate caqasaa. Gaaf tokko Yohaannis waan Yesus hojjechaa jiru haa ilaalaniif namoota gara Isaatti erge. Yesus waa'ee isaatiif, “Inni ibsaa guddaa ifaa jiru dha,” inni ifa isaan ittiin karaa qajeelaa qabatanii irra deemaa, dhufaatii Isaa isa duraa egaa turan ture. Sirriitti dhaggeeffadhaa. Isin hin darbin. Yesus, “Yohannis ificha” jedhe. Miilkiyaas 3, dogoggora hin qabu! Raajichi ifa giddisee ifuun Yesus isa Tokkicha, “Hoolicha” ta'uu Isaa adda baasee beeksise. Hoolonni biroon warri luboonni waa'ee isaanii odeessaa turan hunduu, wantoonni biroon hunduus gowwoota turan. Kunoo “Hoolichi!” Inni nama ifi guddaan irraa calaqqisu ture jedhee Yesus waa'ee isaa dubbate.

Miilkiyaas 3 akkas jedhe, “Kunoo Ani ergamaa Koo isa karaa Anaaf qopheessu Of dura nan erga.” Nama isa karaa qopheessuuf ergametu addaan baasee Isa bare, isatu addaan baasee iddocha bare. “Inni Isa! Dogoggorri hin jiru. Inni Isa! Milikkita isa duukaa deemuu an argeera. Inni Isa jedhame ta'uu isaa nan beeka; Ifti tokko Waaqa irraa gadi bu'ee Isa irra deemaa jira.” Inni ificha sana, inni Isa abdachiifame sana dha.

55 Yoos egaa, obboleessa koo, waa tokko si gaafachuudhaanan gara xumuraatti dhufuu barbaada. Tarii kana jechuu dandeenya: Miilkiyaas 4 keessatti, nuyi joobira kan biraa hin abdachiifanee, joobira Utubaan Ifaa duukaa deemu kan digoggora waldaa bara har'aa isa isheen Ibroota 13:8 keessatti, “kaleessa, har'a, bara baraanis isuma sana” ta'uu Isaa wallaaluu ishee kan itti agarsiisu hin abdachiifamnee? Joobirri kan biraa lafa onaa keessaa balali'aa akka dhufu, nuyi hin abdachiifamnee? Ameen! Inni dhibbaa dhibbatti Dhugaa dha. Inni Luqaas 17:30, iddoo Ilmi namaa (joobirri) Ofii Isaa mul'isuudhaan iddoo sagadaa

hundumaa kanneen akka dameelee amantii fi warra kana fakkaatanii duwwaatti hambisuu wajjin attam kan wal simuu fi attam kan wal simu dha!

Waaqayyo iddoo Ofii Isaa filate. Yohaannis, "Inni kunoo ti!" jedhe.

Bara kanaafis waanuma wal fakkaataatu nu abdachiifame, Miilkiyaas 4, "Garaa ijoollotaa duubatti deebisuudhaaf," kana jechuun Inni hin duune, wantoonni kunneen bara kan biraatiif miti; Maqaa Yesusitti cuuphamuun kanaan dura hin turre, garuu Inni ammas isuma sana. Ameen. Hojiin joobira bara dhumaa iddoo waaqeffannaa kan biraa gatii dhabsiisuuf dhufa, inni gowwummaa isaanii hundumaa agarsiisuuf dhufa, dameen amantii gowwaa dha, inni garuu milikkituma isa duraa sana ammas hojjechuudhaan, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma ta'uu Isaa isaanitti in agarsiisa. Haaleluyyaa!

56 Akkasumas, Mul'ata 4:7 keessatti uumamni lubbuu qaban afuran kanaan dura ilaalaa turre jiru.

Inni jalqabaa leenca. Inni Bineensa wal'aansoo barichaan qabuuf jalqaba as ba'e dha, Inni Leenca Gosa Yihudaa ti.

Itti aanee Isa boodaan Bineensa itti aanutu dhufe. Bineensi itti aanu kun Tuntunoodha, tuntunoon bineensa aarsaaf dhi'aatu dha. Bara Kaatediraalii Roomaatti Waldaan ajjeefamtee dhumte; aarsaa taate.

Inni itti aanee dhufe nama, inni Bineensa fuula namaa qabu ture. Namni sun warra haaromsitootaa (reformers), barumsa namaa, tiyooloojii fi waan kana fakkaatani dha.

Bineensi inni dhumaa garuu waan balali'u dha, Bineensi inni dhumarratti dhufe joobira balali'u dha jedhee dubbata Macaafni Qulqulluu. Haaleeluyyaa! Raajin tokko immoo, guyyaa kana keessa, "Ifni in ta'a" jedhe. Oo, yaa anaa! "Guyyaa sanatti Ifni in ta'a."

Guyyaan warra haaromsitootaa tokko tureera. Guyyaan dimiimmisaa'u tokko in ta'a, guyyaan halkanis guyyaas hin jedhamne tokko in ta'a. Garuu yeroo galgalaa'utti, yeroo Joobiraatti...

Yeroo Joobiraatti Ifni in ta'a,

Karaa gara Ulfinaa dhuguma in argatta;

Karaa bishaanii irra har'a Ifatu jira,

Maqaa jaallatamaa Yesusiin awwaalami.

Xinnaa fi guddaan, cubbuu keessan irraa deebi'aa,

Hafuurri Qulqulluun dhugaadhumatti isin cuuphaa;

Ifni galgalaa waan dhufeef,

Waaqayyoo fi Kristos tokko ta'uun haqa.

Ameen! Yeroo galgaal'utti Ifni in ta'a, innis iddoo tokkicha Waaqayyo waaqeffamuuf fo'ate dha.

57 Oo, Ergaan kun maaliif dhufe, Inni maal gochuuf deema? Guyyaa kana keessa, yeroo galgalaa'utti Ifni in ta'a. Maaliif? Ijoollee Isaa warra gara biyya abdachiifamanii, iddoo manni isaanii dhugaan jirutti deebi'an simachuudhaaf Utubaan Ibiddaa innumti ijoollee Israa'el lafa onaa keessa geggeessaa ture milikkituma sanaan isaan kanas in geggeessa.

Iddoon Waaqayyo itti waaqeffamuuf fo'ate, Yesus Kristosi. Iddoon jira jedhamu Isa duwwaa dha. Fayyinaaf Maqaan Waaqayyo qabu Isa duwwaa dha. Yeroo lafa irra jirutti, Inni maatii waaqarraa Yesus Kristositti moggaase.

Yaa waldaa, yaa sabaa, yaa cubbamoo michoota koo, Yesus Kristos irraan kan hafe nama kam illee hin amaninaa. Lallabaa kam iyyuu hin amaninaa. Na oolcha jettanii eenyutti illee hin amaninaa. Waldaa kamitti illee, labsii waldaa (creed) kamitti illee, damee amantii kamitti illee hin amaninaa. Inni Ifa yeroo kanaa waan ta'eef, Yesus Kristos duwwaatti amanaa.

Mee mataa keenya gadi haa qabannu.

Yeroo Joobiraatti Ifni in ba'a,

Karaa gara Ulfinaa dhuguma in argattu;

Karaa bishaanii irra har'a Ifatu jira,

Maqaa jaallatamaa Yesusiin awwaalamaa.

Xinnaa fi guddaan, cubbuu keessan irraa deebi'aa,

Hafuurri Qulqulluun dhugaatti isin cuuphaa;

Ifni galgalaa waan dhufeef,

Waaqayyoo fi Kristos tokko ta'uun haqa.

58 Oo, obboleessaa, obboleettii, hamma yoonaa yaada garaa keessanii hin geeddaranne yoo taatan, Maqaa Yesus Kristositti hin cuuphamne yoo taatan, amma galgala kana murteerra maaliif hin geessan? Waaqayyo iddoo waaqeffannaa Ofii Isaatii filateetti akka isin simatuuf, carraa Isaaf in laattuu? Yaadadhaa, iddoo sanaan ala iddoon Waaqayyo itti isin arguu fi waaqeffannaa keessan itti simachuuf abdachiise hin jiru.

Ati, "Obboleessa koo Branhaam, ani garaa cabaanan waaqeffadha!" in jetta. Qaayins akkasuma godhe. Inni kennaa aarsaaf dhi'aatu hundumaa akkuma Abeelitti dhi'eesse, garuu aarsichi sirrii hin turre. Ati tarii waldaa in dhaqxa, kurnoos in kaffalta, dirqama akka Kristaana tokkootti sirra jirus in baata, akkuma dhiira kamii yookiis akkuma dubartii kamii nama garaa cabaa ta'uu dandeessa ta'a.

An as dhaabadhee, magaalaa irras naanna'ee, Ergaadhuma kana sagalee ol fudhadhee gara waggaa soddomaatiif lallabeera. An dulloomaan jira. An yeroo dheeraa isin bira turuu hin danda'u. Garuu yaadadhaa, Sagaleen koo waraabameera waan ta'eef, Guyyaa Firdiitti isin irratti dhugaa in ba'a.

Iddoon Waaqayyo Maqaa Isaa kaa'e iddoo tokko duwwaa dha, innis waldaa keessa miti, Yesus keessa malee. Iddoon itti simatamuu dandeessan iddoo tokko duwwaatu jira, innis immoo Jaallatamaa, Yesus Kristos keessa. "Maqaa Yesus Kristosiin malee, maqaan kan biraa ittiin fayyuuf waaqa jalaa ilmaan namootaatiif kenname tokko illee hin jiru," waldaa miti, labsii waldaa miti, homaa tokko iyyuu miti; Yesus Kristos!

Ergaan yerichaa, "Garaa ijoollotaa gara Amantii isa al tokko qulqullootatti kennameetti deebisuu dha" jedhamee eegamaa ture. Amma galgala kana Ergicha in fudhattuu?

59 Mataa keenya akkuma gadi qabannetti haa turru.

Namoonni kadhannaadhaan akka isin yaadannu barbaaddan harka keessan ol qabaa. Har'a namoonni gar malee waan baay'ataniif, iddoo aarsaatti ol isin hin waamnu. Waaqayyo isin haa eebbisu. Yaa anaa! Karaa gara bitaa kootiinkan jiran namoota dhibba sadii ta'u jedheen tilmaama.

Amma karaa mirgaa kootiin warri jirtan harka keessan ol baasaatii, "Yaadatamuun barbaada" jedhaa. Gara nama dhibbaa fi shantamaa, yookiis isaa ol ta'u jedheen yaada, karaa mirga kootii kanaan.

Gajjallaa kanaa mana sagadaa bishaan guddaan itti kuufamee jiru qabna; paaster, paasterii jaallatamaa Obboleessa keenya Ormaan Neviillee, itti aantota naannoo kanatti argaa jirtan kanaa wajjin wal quunnamaa. Guuyyaa hundumaa, galgala hundumaa, sa'aatii hundumaattis namoonni yaada garaa geeddarattanii cuuphamuu barbaaddan, bishaanni yeroo hundumaa qophaa'aa dha. Abboommii sanaaf yoo tole jettan, garaa cabaa yoo qabaattan, abdii Waaqayyo abdachiiseen cuuphaa Hafuura Qulqulluu akka argattan of amansiisaa.

Iddoon waaqeffannaa tokko duwwaatu jira. Amma egaa, inni mana qulqullummaa keessa miti, Kristos keessa malee. Nuyi attamittin Isatti ol seenna? "Hundumti keenya Hafuura tokkoon Dhagna tokkicha kanatti cuuphamne."

Amma in kadhanna.

60 Yaa Waaqayyo Jaallatama, akkuma harka isaanii ol qaban kanatti, harka kanaan waan keessa garaa isaanii jiru mul'isaa jiru, kunis ragaa gargaarsa Si irraa barbaaduu isaanii agarsiisu dha. Yaa Abbaa, tokkoon tokkoon isaaniitiif Si nan kadhadha. Amma immoo Dubbii Kee keessaa iddoo tokko nan dubbadha. Ati, "Dubbii Koo dhaga'ee Isa Ana ergetti kan amanu jireenya bara baraa qaba; inni du'a keessaa gara jireenyaatti darba malee, gara Firdii hin dhaqu" jette.

Yaa Abbaa, torbanoota muraasaaf magaalaa keessaa baanee yeroo deebinetti, "Namni kunoo?" jennee yummuu ggafabbu, "Maal, isaan du'aniiru" nuun jedhan.

"Tole, isaan…hoo?"

"Isaanis du'aniiru"

Yaa Waaqayyo jaallatama, tokkuma tokkoon waamamneerra, nuyi tokkuma tokkoon wal'aansoo irraan gadee dachaa gaadidduu du'aa keessa darbuuf godhamuu arguun keenya dirqama. Kun immoo sababa uumama fooniin du'u keessaa tokko taanee waan uumamneefi, duuti hunduma keenya irraa kan eegamu dha. Garuu galgala kana, Ati waamicha Kee nu afeerte, afeerrichis yoo Isatti amannee fi Maqaa Isaatti cuuphamne, jireenyatti nu galchuuf nu waamte. Sana booda Dhagna kanatti ol galla, Dhagna Kristos keessatti malee waldaatti ol seenna mit; Dhagna Kristos keessa jiraanna, Dhagnichi durumaan firdii

fudhateera. Inni gara Firdii hin dhaqu. Waaqayyo aarii dheekkamsa Isaa dhagnicha irraa waan kaaseef, dhagnichi cubbuu irraa bilisa; Isa keessa ta'uun cubbuu irraa bilisa nu godha, kunis Aarsaa gatii cubbuuf aarfamu ta'ee nuuf du'uu Isaatiin bilisa taane. Achi keessattis tokkummaa in qabaanna, maaliif jennaan Dhiigni Yesus Kristos, Ilma Waaqayyoo cubbuu fi xuraa'ummaa hundumaa irraa qulqulleessee nu eega.

61 Yaa Waaqayyo, yaa Abbaa, tokkoon tokkoon isaanii Mootummaa keetti akka galchituuf Si nan kadhadha. Yaa Waaqayyo, nuuf dhaga'i. Adaraa isaan keessaa tokko illee hin badin; dardarri tokko yookiis shamarreen tokko, dhiirri tokko yookiis dubartiin tokko adaraa hin badin. Yaa Gooftaa, sabni koo muraasni isaanii galgala kana as taa'anii jiru, isaanis warra Dhiigichaan golgamanii isaan keessaa ba'anii dha. Dubbii abbabbaa kootii dhaga'uu danda'uun koo attam gaarii dha! Yaa Waaqayyo Jaallatama, isaan keessaa tokko illee akka hin badneef Si nan kadhadha. Yaa Gooftaa, kadhata koo naaf dhaga'i. Amma garaa koo guutuudhaan Si nan amana.

Obbolawwan koo, obboleettiwwan koo, firoota amma galgala kana as jiranii fi warra fageenya irraa bilbilaan nu faana jiran hundumaa irra sosocho'i. Kutaa biyyaa garaa garaa baay'ee keessaa, Handaara Bahaatii hanga Handaara Dhihaatti nu dhaggeeffachaa jiru. Yaa Waaqayyo Jaallatama, karaa dachaa gammoojjii Tuuksaniif, karaa gubbaa Kaalifoorniyaatiif, ol gubbaa Nevedaa fi Indaahoof, karaa gama Bahaa fi naannoo sanaaf, dachaa Teeksaasiif Si nan kadhadha; afeerraan kun akkuma isaan ga'een, namoonni waldaalee xixiqqoo keessa taa'anii, iddoo tamsaasa sagalee guutanii, mana guutaniis dhaggeeffachaa jiru waan ta'eef... Oo, yaa Waaqayyo adaraa dhiirri bade sun yookiis dubartiin badde sun, dardarri bade sun yookiis shamarri badde sun sa'aatii kanatti gara Kee haa dhufu. Ammuma kana nuuf raawwadhu. Iddoo nageenyaa daangeffame kana utuu yeroon jiruu akka barbaaddataniif, Maqaa Yesusiin Si kadhanna.

Yommuu barreeffama maxxanfame ilaallu, lafti dhiphina hamaa keessa jiraachuu hubanna, yeroon hiikamtee ofkaluu ishee balbala ga'eera. Kutaan biyya keenyaa kaan gadi dhidhimaa jira, kutaan kaan immoo akkuma Yesus kun in ta'a jedhee abdachiisetti, socho'a lafaatiin maramaa fi dhodho'aa jiru. Yaa Gooftaa, yeroon akka malee isaanitti hin dheeratin. Akka moo'icha wal ga'ii Wangeelaatti fudhannee Si duratti akka isaan dhi'eessinuuf, adaraa isaan Maqaa Yesusiin isa haa fudhatan. Ameen.

62 Isa in amantuu? Waaqayyo isin haa eebbisu. Dhugaa ta'uu isaa nama meeqatu amana, karaa bitaa koo kanaan harka keessan ol qabaa. Karaa mirgaa kootiin nama meeqa, harka keessan ol qabaa. Waaqayyo isin haa eebbisu. Hamman argaa jirutti namoota hundumaatu Dhugaa ta'uu Isaa amana. Firoota koo, Inni Dhugaa dha. Dhugaa ta'uu isaa Waaqayyo beeka.

Amma egaa yeroo Isa keessa jiraattanitti, Isa keessa yeroo taatanittis, waan Inni du'eef hundumaa in argattu. Inni maaliif du'e? “Inni balleessaa keenyaa in waraaname, sababii yakka keenyaafis reebamee in caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf Inni in adabame, madaa'uu Isaatiinis fayyinni nuuf in argame.” Isa kana in amantuu? Aarsaa fayyinaa Isaatti amma in amantuu?

63 Namni dhukkubsataan nu gidduu jiraa? Mee warri dhukkubsattan karaa bitaa, karaa mirgaatiis harka keessan baasaa. Dhukkubsatoota sonaan baay'eetu jira. Toora kadhataatiif isaan waamuu hin danda'u. Hubattuu, gara waltajjiitti akka ol dhuftan gochuu hin danda'u. Karaan ittiin kana gochuu dandeenyu hin jiru.

Isaan warra dhukkubsattootaaf sagantaa kan biraa waldaa biraatti, goda mana sagadaatti qopheessaniiru.

Waan isin gaafadha. Amantoota meeqatu achitti argama? Harka keessan baasaa. Tole egaa. Sagalee isa Kristos ta'e keessaan kutaa tokko isiniif dubbisuufan jedha. Ergama xumraa Yesus Waldaatti kennen isiniif dubbisa. “Milikkitoonni kun warra amanan biratti in argamu; yoo isaan harka isaanii warra dhukkubsatan irra kaa'an, isaan in fayyu” jedhe. Mee namoonni wanti Maarqos 16 keessatti dubbatame kun dhugaa ta'uu isaa beektan, “Ameen” jedhaa. [Amantoonni, “Ameen” jedhan.] Kun sirrii dha. Akka nama amantiitti harka keessan nama isin dura jiru irra akka keessaniif isinan gaafadha, amma tokkoon tokkon keessan walii walii keessaniif kadhadhaa. Nama naannoo keessan jiru irra harka keessan kaa'aa.

64 Yaa Gooftaa, kunoo fuula koo dura erbee dafqaa saaxinii tokkotu jira, ciccitaan meeshaalee (goods) xiqqoonis jiru; hawwoonni jaaran iddoo ta'e tokko ciisaanii du'a eeggachaa jiru, daa'imni tokko qarqara du'aa jirti, iddoo hundumaatti namoonni dhukkubsataniiru. Ergee dafqaa fi marata dhagna Phaawulos tuqe fuudhanii namoota dhukkubsatoo irra buusanii; hafuurri hamaan, hafuurri xuraa'aan, dhukkubni namoota gadi dhiisanii sokkaa akka turan Macaafa Qulqulluu irraa dubbifneerra. Amma egaa, yaa Gooftaa, nuyi Qulquulluu Phaawulos miti, garuu Ati amma iyyuu Yesus taatee akka jirtu, iddoo waaqeffannaa Waaqayyoon qophaa'e ta'uu Kee in beekna. Ammas, har'as namoonni kunneen akkuma namoota yeroo sanaatti amanuu isaanii, amantii isaanii dubbiidhaan mirkaneessaniiru. Dhugaadhumatti Ati karaa isaaniif qopheessiteetta! Anis harka koo erbee dafqaa kanneen irra kaa'ee, dhukkubnii fi miidhamni dhagna namoota erbeen dafqaa kun irra bu'u gadi akka dhiisuuf, Maqaa Yesus Kristosiin nan abbooma.

65 Amma egaa, Israa'eloonni biyya Gibxiitii ba'anii deemaa akka turan nu barsiifameera, karaa dirqamaa qabatanii, biyya abdachiifamanitti galuudhaaf karaa irra deemaa turan. Galaana diimaas fuula isaanii

duratti in argan. Waaqayyo Utubaa Ibiddaa keessaan gadi ilaallaan galaanni na'ee, duubatti maramee Israa'eloonnis gara biyya adachiifamaniitti akka ce'aniif isaan dabarse. Yaa Waaqayyo, dhukkubni maramee duuba akka deebi'uuf, Seexannis ifatamee akka ba'uuf galgala kana Dhiiga Yesus keessaan gadi ilaali. Namoonnis gara abdii fayyaa gaarii fi jabina isaanii duraatti akka ce'an, gara Waaqayyo, "Hundumaa dura, karaa hundumaan akka sitti tolu, akka ati fayyaa taatus nan hawwa" jedheetti haa ce'an.

Amma akkuma Ati argitu, Gooftaa Yesus, harki namoota kanaa walii walii isaanii irra kaa'amee jira, isaan amantii isaanii isa Ati, "Milikkitoonni kun warra amanan biratti in argamu" jette qabatamaatti agarsiisaa jiru. Isaan walii walii isaaniitiif kadhachaa jiru. Namni hunduu nama isatti aanee jiruuf kadhachaa jira.

Amma egaa, yaa Gooftaa, rakkinni kun argameera, Seexanichi abbaan soba guuddaa, mucaa Waaqayyoo tuquuf mirga hin qabu. Inni uumama mo'ame dha. Yesus Kristostu, iddoo waaqeffannaa tokkicha sanatu, Maqaa dhugaa tokkicha sanatu, Qaraaniyoo irratti isa mo'ate. Amma battala kanatti immoo, Dhiiga Isaa isa Inni ittiin dhukkubbii hundumaa, dhukkuba hundumaa injifate in waamna.

Seexanni iddoo wal ga'ii kana gadi dhiisee akka deemun barbaada. Maqaa Yesus Kristosiin, ba'i saba kana keessaa, isaan bilisa haa ba'anii.

66 Namoonni Dubbii Sagalee caafamee jiru irratti hundooftanii fayyina keessan fudhattan, ol kaatanii miilla keessaniin dhaabadhaatii, "An amma Maqaa Yesus Kristosiin fayyina koo nan fudhadha" jechuudhaan dhugaa ba'aa. Ka'aa miilla keessaniin dhaabadhaa.

Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Isin kunoo ti. Ol gara kana ilaalaa, warri naafatanii fi warri kaanis lafaa ol ka'an. Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u. Callisaatii amanaa. Inni addana jira. Attam dinqii dhaa!

Galma kana keessa kan jirtan, warri karaa alaa jirtan, warri guddistuu sagaleetiin hordofaa jirtanis, diqama ilaaluu qabdu! Hamman beekutti, yookiis baay'een isaanii yeroo kanatti dhaabachaa jiru jedheen yaada. Oo, maal yeroon dinqisiisaan akkasii! Argamuun Gooftaa iddoo jirutti, maaltu ta'a! "Iddoo Argamuun Gooftaa jirutti, birmadummaatu jira, bilisummaatu jira." Hafuurri Waaqayyoo birmaduu nu godha.

Amma Inni nu fayyiseera; kana in amanna. Inni nu oolcheera; kana in amanna. Namoota warra cuuphamuu barbaaddaniif, bishaanni kuufamee qophaa'eera. Yeroo kamittuu, sa'aatii kamittuu yoo dhufuu barbaaddan, namni isa to'atu achuma jira.

Amma egaa, xumuruu keenyaan dura, faarfannaa galataa durii haa faarfannu. "An Isa nan jaalladha, An Isa nan jaalladha sababiinsaa Inni dura na jaallate" kan jedhu faarfanna. Harka keenya gara Waaqayyotti ol qabnee garaa keenya guutuudhaan haa faarfannuu!

Bor ganama sa'aatii sadi'ii fi walakkaatti asumatti wal haa arginu, as manuma kana keessatti mata duree Gaa'elaa fi Gaa'ela Diiguu jedhu waliin qayyabanna. Tole haa ta'u.

Mee amma walii wajjin haa faarfannu.

An Isa nan jaalladha,

Hordoftoonni bal'aan as jirtan, mee haa faarfannu egaa! Warri toora shibootiin hordofaa jirtanis faarfadhaa.

Sababiinsaa Inni dursee na jaallatee

Fayyina lubbuu koos naaf bite

Muka Qaraaniyoo irratti.

67 Inni eessatti raawwatame? Muka Qaraaniyoo irratti. Amma irra deebinee utuma faarfannuu, nama naannoo keessan jiru harka fuutanii, "Keessumma, Waaqayyo si haa eebbisu" akka ittiin jettanin barbaada.

An…

[Obboleessi keenya Branhaam obboloota harka fuudhaa jira.]

Sababiinsaa Inni dursee…

Fayyina koos naaf bite

Muka…

Oo, Isa hin jaallatanii? [Amntoonni, "Ameen" jedhan.] Inni dinqisiisaa mitii? ["Ameen."] Inni Iddoo kooluu keessan mitii? ["Ameen."] Inni Kattaa dadhabootaa ti, Inni Da'oo yeroo rooba jabaa ti, Iddoon

Baqaa ani beeku Isa duwwaa dha. Kanaafuu:

Amantiin koo ol Sittti haa mul'atu,

Si yaa Hoolaa Qaraaniyoo,

Fayyisaa Hoodaa;

Amma utuun kadhadhuu na dhaga'i,

Yakka koo hundumaa narraa fuudhi,

An har'aa jalqabee

Guutummaatti kan Kee nan ta'a!

Mee akkuma faarfachaa jirruun harka keenya ol haa qabnu.

Amantiin koo ol Sittti haa mul'atu,

Si yaa Hoolaa Qaraaniyoo,

Yaa Fayyisaa Hoodaa;

Amma utuun kadhadhuu na dhaga'i,

Yakka koo hundumaa narraa fuudhi,

Oo, an har'aa jalqabee

Guutummaatti kan Kee nan ta'a!

Utuma faarfachaa jirruu mataa keenya gadi haa qabannu.

Yeroon karaa dukkana jireenyaa irra ejjedhu,

Yeroo gubanni naannoo koo marsus,

Ati Geggeessaa koo ta'i;

Dukkana ifa guyyaatti naaf geeddari,

Imimmaan gaddaa narraa haqi,

Yoomuu karaa irraa maqee

Sirraa akkan galagalu na hin godhin.

Utuma mataa keessan gadi qabattanii jirtanii, paasteriin keenya jaallatamaan, Obboleessi keenya Ormaan Neviillee sagantaa kana nuuf goolaba.

MESSAGE hub online

www.messagehub.info

Kan Lallabame

Williyaam Maariyoon Biraanhaam

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7